



**Yunivarsiitii Saayinsii fi Teknolojii Adaamaa**

**Mana Barnoota Humaanitii fi Seeraa**

**Muummee Afaan Oromoo**

**Qaaccessa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota Bulchiinsa**

**Magaalaa Adaamaa Mana Barumsa Qophaa'ina Gooroo**

**Qopheessan: Yohannis Mallasaa Qanaate**

**Gorsaan: Dr. Silashii Biraanuu**

***Hagayya, 2008***

**Adaamaa**

**Yunivarsiitii Saayinsii Fi Teknolojii Adaamaa Mana Barnoota  
Humnaatii fi Seeraa Muummee Afaan Oromoo Eebba Digrii  
Lammaffaaf Kan Dhiyaatu**

**Qaaccessa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota Mana Barumsa  
Qophaa'ina Gooroo**

**Qorannoo itti Guutinsa Ulaagaalee Digrii Lammaffaaf Barnoota Afaan  
Oromoo**

**Yunivarsitii Saayinsiifi Teknolojii Adaamaa Mana Barnoota Humaanitii  
fi Seeraa Muummee Afaan Oromoo**

**Yunivarsitii Saayinsii fi Teknolojii Adaamaa Mana Barnoota  
Humaanitii fi Seeraa Muummee Afaan Oromoo**

**Qopheessaan: Yohannis Mallasaa Qanaate**

**Gorsaan: Dr. Silaashii Biraanuu**

**Hagayya, 2016  
Adaamaa**

Yunivarsitii Saayinsiifi Teknolojii Adaamaa

Mana barnoota Humaaniitiifi Seeraa

Muummee Afaan Oromoo

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (M.A) Afaan Oromoo Itti Guuttachuuf Yohaannis Mallasaa Qanaatee, Mata Duree:Qaaccessa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota Mana Barumsa Qophaa'ina Gooroo Adaamaa Irratti Kan Xiyyeeffate Adeemsa Barbaachisuu Guute Kan Dhiyaate Dha.

Mirkaneessitootaa miseensaa qormaatichaa

Gorsaa

Mallattoo

Guyyaa

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

Qoraa 1<sup>ffaa</sup>

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

Qoraa 2<sup>ffaa</sup>

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

\_\_\_\_\_

---

Qindeessaa

## **Galata**

Qo’annoo kana irra deddeebi’e akkaan hojjadhe gabbisuu namoonni hedduun ragaa qabaatamaa naaf kennuun yaadaa fi qalbiin osoo narraa hin fagaatin gaaffii yaada kiyyaa qalbiin ana dhaggeeffatanii ana duuka bu’uudhaan yaada kiyya naaf gabbisuun ana gargaaranii odeeffannoo naaf kennudhaan hirmaatanii jiru.

Duraan dursee barsiistootaa, dura bu’oota fi namoota na gargarani galata guddaa galcha. Gorsaa Koo obboo Dr.Silashii Biraanuu qu’annoo kana akka fiixaan bahuu yaadaan na deggaruun, qu’annoo koo ilaaluun dogongoraa naaf sirreessuun kallatti natti agarsiisuun yaada fi deggersa naaf kennaan akka fiixaan bahuu godhuu isaaniitiif galata guddaa dhiyeessa. Haadha mana kootii addee Salinaash Biraanuu barreeffama gulaaluudhan kan naaf sirreessitee baay’iseen galateeffa dha.

Walumaagalatti namoota qo’annoo kana irratti na gargaaruun hamilee naaf kenuudhaan qo’aannoon koo akka milkaa’u naaf gootan hundaanu galatoomaa! Galata argadhaa! Naaf jiiraadha jedhaan.

## Baafata

### Qabiyyee Fuula

i. Galata.....	<i>i</i>
ii. Baafata.....	<i>ii</i>
iii. Gabaatee Qaaccessa Ragaalee.....	<i>iv</i>
iv. Axareeraa.....	<i>v</i>

### BOQONNAA TOKKO

SEENSA.....	.....
.....1	
1. 1 Seen-Duubee.....	..1
1.2 Ka'umsaa Qorannoo.....	4
1.4 Kaayyoo Qorannoo.....	7
1.4.1 Kaayyoo Gooroo.....	7
1.4.2 Kaayyoo Gooree.....	7
1.3 Gaaffilee Bu'uura Qorannichaa.....	8
1.4 Faayida Qorannoo.....	8
1.5 Daangaa Qorannoo.....	9
1.6 Hanqinaa Qorannoo.....	9

### BOQONNAA LAMA

SAKATTA'A.....	BARRUU.....
.....10	
2.1. Maalummaa Fi Faayidaa Barreessu.....	10
2.2. Rakkoolee Yookaa Dhiibbaa Keeyyataa Barreessuu.....	11
2.3 Maalummaa Dogongoraa fi sirreessuu.....	14
2.4. Maalummaa Keeyyata.....	14
2.5. Faayidaa Keeyyata.....	17
2.6. Caasaa Keeyyata.....	17
2.7. Gosoota Keeyyata.....	18
2.8 Tooftaaleen Keeyyanni Ittii Barreeffamu.....	20
2. 9 Amaloota Keeyyata Gaarii.....	24
2.10 Qajeelfama Dandeettii Keeyyataa Barreessuu.....	28
2.11 Toofta Keeyyata Barreessuu.....	29

## **BOQONNAA SADI**

MALLEEN QORANNOO.....	31
3.1. Maddaa Ragaa.....	31
3.2 Iddattoo.....	32
3.3.Meeshaalee,funaansa,ragaalee.....	32
3.3.1 Qaceessa Galmee.....	33
3.3.2 Af-Gaaffii.....	34
3.3.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo.....	34
3.4. Adeemsa Qaceessaara Ragaalee.....	35

## **BOQONNAA AFU**

QAACCESSA RAGAA.....	36
4.1.Haala Deebii Kennitootaa.....	36
4.1.1. Haala Saala Deebii Kennitootaa.....	36
4.1.2.Haala Umrii Deebii Kennitootaa.....	37
4.1.3.Haala Sadarkaa Barumsaa Deebii Kennitootaa .....	37
4.1.4. Gosaa Barnootaa Ittiin Leenji'e.....	37
4.1.5.Tajaajilaa Deebii Kennitoota.....	39
4.2. Qaceessaa Galmee Ilaalchiisee.....	39
4.2.1 Qaceessaa Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa fi 12 <sup>ffa</sup> .....	39
4.2.2 Qaceessaa Qorumsaa Keeyyata Barreessuu.....	
424.2.3 Qaceessaa Barattoonni Keeyyata Yommuu Barreessan Dogongora Uumaan ....	44
4.3 Qaceessaa Ragalee Af-Gaaffii.....	48
4.4 Qaceessaa Marii Garee Xiyyeeffannoo.....	48

## **BOQONNAA SHAN**

XUMURA.....	55
5.1 Cuunfaa.....	55
5.2 Argannoo.....	57
5.3 Yaadaa Furmaataa.....	58
Wabii .....	59
Miiltoo Tokkoffaa.....	61
Miiltoo Lammaffaa.....	65

## **Gabaate Qaccessaa Ragaalee**

### **Mata Duree Fuula**

Gabaate 4.1: Odeeffannoo Waligaala deebii  
kennitootaa\_\_\_\_\_38

Gabaate 4.2: Barattoonni Keeyyata Yeroo Barreessaan Dogongora  
Uuman\_\_\_\_\_39

***Axareeraa***

*Kaayyoon qo'annoo kootii Qacceessaa dandeettii keeyyata barreessuu barattoonni Mana Barumsa Qophaa'ina Gooroo qaban sakatta'uu: Bulchiinsaa Magaalaa Adaamaa mana barumsaa Gooroo qopha'ina irratti qo'anno adeemsisame dha. Malleen qo'annoo kana itti gaggeessees mala kaayyeeffataa ta'e odeeffannoo bifa mala kaayyaawaa (kaayyoo) ta'etti gargaaramuudhan odeeffannoo kana sassaabe jira. Hirmaattonni akka madda ragaa tokkoffaatti fudhadhe. Barsistootaa, barattootaa, supparvayizara keessoo mana barnoota qopha'ina Gooroo irraa odeeffannoo fuunaanee jira. Barrulee fi kitaabota adda addaa akka maddaa ragaa lammaffaatti gargaarme jira.*

*Malleen filannoo iddattoottis Barsiistota mana barnoota qopha'ina gooroo keessa jiran keessaa 2 (100%) mala kayyeeffanaan filatamani jiru. Baratotonni daree Afaan Oromoo baratan keessaa mala carraa tasan dhiira 32 fi dubartoota 49 odeeffannoon irraa sassabame jira. Supparvayizarraa keessoo 2 irraa odeeffannoon sassabame jira.*

*Walumaagalatti namoota 87 (saddetamiitorba) irraa odeeffanno Af-gaaffii-5(shan) fi Bar-gaaffii 15, gaaffii marii 5(shan) fi qorumsa keeyyata barreessuu qopheessuudhandogongoraa barattottaa uumaan bu'a galmeessuun ragaa funaaname qindeessee furmaatas kaayee jira. Sababoota keeyyata qindomina qabu barreessuu dhabu yaada indeessuu dhabu, shakaaluu dhabu, hanqinaa wayitii, sirnaan itti fayyadamu seer-lugaa, tuqaalee fi qubee guddaa fi deggersaa gahaa kennuu dhabuu fa'a. kanaafuu, Keeyyata gaarii barreessuuf shakaaluu, , fedhii horachu, walgararuu, jiru fi jeernya barattootaa waliin qabsiisuu, muxannoo akka gaabbifatan deggaruu fi fedhii umrii waliin gitu barsiisuun barbaachisaa dha. Dabalataan, Aadaa barreessuu guddisuun muxxannoo horachaa deemuun barbaachisaa dha.*

## **BOQONNAA TOKKOO**

### **1.Seensa**

Kayyoon qorannoo kanaa barattoonni bulchiinsa magaalaa Adaamaa mana barumsa qopha'ina Gooroo qaccessa keeyyataa qindoomina qabu barreessuu dhabuu isaaniitiif sababaa ta'an addaan baasuuf qo'annoon kun kan adeemsifamee dha. Kanaafuu, boqonnaa kanakeessatti seen-duubee, hima rakkoo, kaayyoo, bu'aa, daangaa, hanqinaa, fi ijaarama qorannoohammatee jira.

#### **1.1 Seen-duubee**

Ogummaan barreessuu yeroo gara yerootti dabalaa fi barbaachisaa ta'e jira. Akka Santoos (2000) yaada isaa ibseetti barreessuun caalmaatti barbabaachisumman isaa sababoota akka dabalauu wantoota godhan keessaa; tokkoffaan, Afaan qu'annoo waan ta'eef lammaffaa, barrulee fi jornaaliin adda addaa waan ittiin maxxansamuuf sadaffaan, baratonni waan ittiin barataniif xiyyeeffanna guddaa kennamu isaa ibsaniiru. Karaa biraatiin tooftalee baratmeen afaan barsiisuuf barreessuu fi dubbisuu, dubbachuu fi dhaggeeffachuu wajjiin walbira qabamee yoo ilaalame xiyyeeffanna wal qixaa hin kennamnef ture. Akka Silvaa(1977) qeeqetti mala Afaan ittiin barsiifamu baroota 1950 keessaa kan itti xiyyeeffatu dubbachuu malee barreessu miti jedhe ture. Akka Raimes(1983) ibseetti immoo yeroo dhaggeetti-afaan(auido-lingual period) tti dubbachuun barru fi barsiisuu keessatti akka handhuraa ta'eetti yoo ilaalamu garuu barreessuuf xiyyeeffanna hin kennamnef jechuun yaada isaa lafa ka'aniiru.

Barreessuun dandeettiiwwan Afaanii keessaa tokko yoo ta'u, qubeewwanitti mallattoolee adda addaatti fayyadamuun yaada sammuu

keessa jiru waraqaa irra kaa'uudhaan namni biroo akka hubatu gochuu dha. Haata'u malee, dandeettiin isaa yeroo tokkoon kan gonfatamu osoo hin taane, yeroodhaa yerootti shaakala kan barbaaduu dha. Himonni haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'anii yaada handhuura tokko dabarsan irraa kan ijaarramu keeyyata jedhama(Geetachoo, 2006:117).

Hayyuun Beyrene (1988:1) jedhamu akka ibsetti the symbol should be arranged in meaningful way to form words, words to form sentences, and combination of sentences to form and organized paragraph jechuun ibsanii jiru. Yaanni kunis barreessuun qubeewwan walitti fiduun jecha ijaaroo, jechoota immoo walitti fiduun gaalee ijaaroo akkasumas, gaalee walitti fiduun immoo ciroo fi ciroo walittii fiduun hima kan ijaarru yoo ta'uu, hima walitti fiduun immoo keeyyata walta'iinsaa keeyyattootaatiin barruu guutuu qindeessuun barreessuun ni danda'ama jechuun ibsee jira. Yaaduma kana hayyuu Pines(1982:45) akka ibsetti writing is a process in which ideas are arranged in sentences in to paragraphs and the use of word, phrase and other cohesive resulting in composition jedhee kaayuu danda'ee jira. Akka yaada barreessa Karool(1990:128) ibsetetti keeyyata barreessuun adeemsa itti yaadni bifa jechaatiin, gaaleetiin, himootaatiin walitti qinda'uudhaan keeyyataa fi barreeffama ta'uu isaa jechuun yaada ishee keesse jirti.keeyyanni gaariin hima ijoon eegala.Yaada hima ijoo keessa jiru ragaa dhiyeessuun ibsuu, walqbsiisuu fi walfudhachisuu akkasumas walirratti ijaarramee deemu qaba.Kanaaf, dubbistonni salphaatti faana bu'uun sababaa fi raga kennite hubatu jechuun yaada isheeibsitee jirti.

Keeyyata barreessuun walqabatee barreessaan tokko kaayyoo isaa irratti hundaa'uun maal akka barreessu, eenyuuf akka barreessu fi akkamitti akka barreessu dursee beekuu qaba.Beekumsa barreessaan tokko mata-duree irratti barreessuuf jedhu irratti qabu, muuxannoo isaa fi ragaalee

adda addaa yoo itti dabalaman barreeffamicha guutuu fi gaarii taasiisu. Akka Atkins, J, al.(1996) Kitaaba **"Skill Development Methodology"** jedhu keessatti barreessaan kaayyoo isaa galmaan ga'uuf qabxiilee kanneen akka: seer-luga, qubeessuu, walitti hidhiinsa (Cohesion) filannoo jechootaa fi sirna tuqaalee barreeffama isaa keessatti xiyyeeffannoo itti kennudhaan barreessuun kayyoo isaa galmaan ga'uuf bu'a qabeessa akka ta'ee kan ibsu yoo ta'uu barreessaan kanneen kana hojii irra oolchuu immoo barreessaa gaarii akka ta'e ibsa. Dabalatanis Keeyyataa ijaaruuf tartiiba eeguu qabu. Tartiiba eegamu qabu keessaa hangafooni: tartiibaa gochaa, yeroo, bakkaan, baay'inaan yookiin guddinaan fi yaadaan wal dura dubaan dhufuu qabu (Geetachoo, 2006).

Waggoota dhiyoo keessaa barbaachisummaa ogummaa barreessuuf hubanna guddaa argachaa dhufeera. Ogummaa barreessuu xiyyeeffana argachuu isaa sirna barnootaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> keessaa galuun akka hammatamu godhame jira. Ogummaa kana cimsuun bu'aa barbaachisaa ta'e akka argamu hojii irraa olee jira. Kanaafis barattoonni sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> keeyyata, barreeffama gaggababoo fi kan biroo akka baratan gochuun shakaalaa jiru. Garuu barattoonni sadarkaa kana irraa eegamu keeyyata qindomina qabu barreessu irratti seer-lugaa, sirna tuqaalee fi qubee guddeessuu, yaada dura duubaa eegani barreessuu irraa eegama. Seer-lugaa, sirna tuqaalee fi qubeessuun barbaachisaa fi yaada sirriitti dabarsuuf keeyyata barreessuuf gargaara. Akka Abbott(2007) ibseetti yaada ifaa sammu keessaa qabnu barreeffaman sirritti ibsuuf qubee, jechoota, himootaa dura duubaa (seeraa) jeegne yoo barreessine qofaa dha. Haaluma kanaan barattoonni Itiyoophiyaa keessatti argaman keeyyata afaan ingilizittiin barreessuu irratti laafoo akka ta'e Amlakuu(2011) ibsani jiru. Kan Afaan Oromootis dhugaa kana irraa hin fagaatu.

Haaluma kanaan, daree barumsa Afaan Oromoo keessatti dandeettii barreessuu keeyyataa barattoonni horachuun tajaajila waljijjiirraa yaadaa keessatti gahee ol-aanaa waan qabuuf adeemsa baruu fi barsiisuu Afaanii keessatti qabatamaa taasisuun barbaachiisaa dha. Haata'u malee, mana barumsaa Qopha'ina Gooroo keessatti barattoonni kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> dandeettii keeyyata barreessuu irratti hanqina qabu. Kanaafuu, kaayyoo barumsa Afaaniitiin walbira qabamee yoo ilaallamu hanqinni barattootni qaban kun guddina Afaanii egereetiif gufuu waan ta'eef furmaata isaa soquun barbaachiisaa ta'ee argame. Haaluma kanaan, madda rakkoo kanaa addaa baasuun furmaataa isaa egreef maalirratti hojjatamuu akka qabu qorannoo kana keessatti ibsame jira.

## **1.2 Ka'umsa Qorannoo**

Barattoonni dandeetti keeyyata barreessuu horachu keessatti barumsaa barumsa barachaa jiraanii fi fuul duraaf barataniif gahee guddaa ni taphata. Kanaafuu barattootni gahee isaanii irraa eegamu akka bahaniif barbaachisumma isaa beekne jajjabeessuu yoo baane malee bu'aa barattoota irratti dhibbaa qaba. Akka Itiyoophiyaatti barattoonni keeyyata barreessuu kan baratani akkaataa gilgalootaa fi shaakaa yookiin gochoota kitaaba barata keessaa jiruun. Irraa caalaan gochootaa fi gilgaalota kitaaba barataa keessaa jiru kan shakaaluun ogummaa keeyyata barreessuu akka gabbifatan godha.

Barnoota Afaanii keessatti dandeettii barreessuu barattootaa cimsuuf kaayyeffatamee barnoonni kennamu sadarkaa barumsa barattoota irratti, fedhii, umrii fi beekumsa isaanii irratti kan hundaa'u ta'a. Akka hayyuu Raimes(1883) jedhamu ibseetti grammer is the one part of writing that can be straight for experiencedtaught ...uneasy about emphasis on grammer jechuun ibsani jiru. Akka yaada isaan kennan kanatti seer-lugni kutaa barreessuu keessaa isa tokko ta'ee, barreessun

jechoota walitti qindeessuun yaada ibsuun salphaa miti jechuun ka'an jiru . Yaaduma kana cimsuun Xing fi Jin (1984) writing is a comprehensive ability involving grammar, vocabulary, conception, rhetoric and other elements...jechuun ibse jira. Akka yaada barreessaa kanaatti immoo barreessuun dandeetti waligalaa kan seer-luga, jechaa, yaada bu'uura kan of keessaatti qabatu ta'uu isaa ibse jira. kanaafuu barreessuun yaada namni qabu seer-lugaa eeguun, jechoota filachuun walitti qindeessan akka yaada ka'umsa ibsuutti ka'uu dha.

Akka bareessitootni Atkins, fi kan biroo (1996:136) ibsanitti dogoggora barreeffamaa haala sadiin ibsuun akka danda'amu ka'anii jiru. karaalee barattootni dogongoraa uumaan: tokkoffaan dogoggora Afaanii xixiqqoo kan barattootni sirreessuu hin dandeenyee, lammaffaan dogoggora Afaanii xixiqqoo yoo barattoonni xiyyeffannoo itti kennan salphatti sirraa'uu kan danda'u fi dogoggorri inni dhuma immoo, dogoggora yeroo barataan hiikkaa irratti xiyyeffatuu fi barsiisaan yoo isa barsiisuu baatullee yaada hiikkaa isaa argachuuf carraaqunkaanuumamuu dha. kanaafuu, barattootni mana barumsa qopha'ina Gooroo rakkinoota ibsame kana ala miti. barattoonni ogummaa keeyyata barreessuu akka hin goofanne kan godhan rakkolee hiddaa gadii fageeffatan ni jiru. Haaluma kanaan, barattootni mana barumsaa Qopha'inaa Gooroo kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> dandeetti barreessuutiin walqabatee keeyyata qindomina qabuu fi seera isaa guute barreessuun isaani irraa ni eegama. Garuu, akka barattoota kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> mana barumsa Qopha'inaa Goorootti Kun ta'ee hin mul'atu. Kanaafuu, keeyyata qindoomina qabu barreessuu irratti hanqinoota adda addaa qabu. Rakkolee kanneeniif madda kan ta'an immoo sababoonni adda addaa jira. Akka muxxannoo kutaa barnootaa keessatti yommuu wa'ee keeyyata barsiisuu rakkoo gama dandeettii keeyyata barreessuutiin mul'atan ka'umsa ta'uu danda'an hedduu ta'an illee akka waligalatti: Mala barattoonni ittiin baratan

keeyyata barreessuu(method of learning subject), dogongora itti fayyadama seer- lugaa fi sirna tuqaalee, baay'ina barattoota daree tokko keessatti baratani, hanqina yeroo gosa barnoota afaan oromootiif ramadame, hima yaada guutuu dabaru ijaaru dhabuu fi keeyyata qindoomina qabu barreessuu dhabuu, kitaabni barataa qabiyyee isaa fi haala ittiin dhiyeessu fibarattoonni kitaabileewabii gahaa mana barumsaattis ta'e naannoo mana barumsatti argachuu dhabuu akka rakkootti ka'uu ni danda'a.

Haaluma kanaan, mana barumsaa Qophaa'ina Gooroo keessatti yommuu barattoonni Afaan Oromoo barataan rakkinoota addaa addaa barreessuu irraatti qunnamee jira. Rakkinoota kana keessaa tooftaa keeyyata ittiin barreessaniif wa'ee mata duree sana guuttummatti beekuu dhabuu keessaa isa tokkoo dha. Akka Kaarool(1990:128)ibsateetti keeyyanni gaariin hima ijoon eegala.Yaada hima ijoo keessa jiru ragaa dhiyeessuun ibsuu, walqbsiisuu fi walfudhachisuu akkasumas walirratti ijaarramee deemu qaba.Kanaaf, dubbistonni salphaatti faana bu'uun sababaa fi raga kennite hubatu jechuun yaada isheeibsitee jirti. barattoonni keeyyata yoo ijaaran himni ijo, callaa fi xumuraa maal ofi keessatti qabachuu qaban addaan sirriitti baasanii barreessuu irratti rakkootu muldhata.Himoonni callaa kun hima ijoo keeyyata keessaatti argaman sana: yaada haandhuraa ta'e hima ijoo keessa jiru yaada murtawo kan ibsanii fi babaldhisan, haqoota, fakkeenyoata fi yaadota amansiisaan kan ibsani dha.

Karaa biraa immoo yemmuu keeyyata barreessan hima ijoo ifaatti ka'uu dhabuu, himoota callaa yookaan gargaartu kan hima ijoo raga adda addaa dhiyeessuun addeessuu kan yaada jalaqabaa qofa qabatee deemuu godhu dhabuu fi yaada tarreeffaman kana walitti qabuun yaada gudunfaa barreessuu dhabuu akka rakkootti barattootaa biraatti kan

muldhatuu dha. Dhuma irratti barattoonni kana hunda bira yoo darban barreessuu eegalan ammas rakkina muldhatu jira. Yeroo amma barattoota biraatti hanqinni jiru keessaa gurguddoon itti fayyadama seera-lugaa eeganii barreessuu dhabuu, sirna tuqaalee sirnan itti fayyadamu dhabuu, qubee guddaa qubeessuu dhabu, fi qindomina yaada keeyyata tokkoo eeguu dhabuu dha. rakkinoonni asi olitti ibsame kun qorannoon deggarame seer-lugaa eegan akka barreessan, sirn tuqaleetti qajeeloonni akka fayyadaman, waldura dubaa gocha, yeroo, iddoo akkasumas yaada eegan akka barreessan fi dogongora uumaan karaa itti xiqqeessan addaan baasanii ibsuu dha. Kanaafuu rakkinnoota kanneen irratti hundayee qorannoo kana gaggeessee jira.

#### **1.4 Kaayyoolee Qoranno**

##### **1.4.1 Kaayyoo Gooroo**

Qaaccessa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota bulchiinsa magaalaa Adaamaa mana barumsa qophaa'ina Gooroo xinxalluuf.

##### **1.4.2 Kaayyoo Gooree**

Qorannoo kana keessaatti, kaayyooleen armaan gadiitti dhiyaatanii fulleeffatamanii jiru.

- a. Barattoonni keeyyata yoo barreessan dogongora isaan uumaan ibsuuf
- b. Barattoonni mana barumsa qopha'ina Gooroo dandeetti barreessuu keeyyata qindoomina qabu akka hin horanne wantoota sababa ta'an addaan baasuuf
- c. Kitaaba Afaan Oromoo keessatti keeyyata barreessuu ilaalchisee hanqinnoota muldhatan addaan baasuuf

#### **1.3. Gaafilee Bu'uura Qorannoo**

Qorannomatadure qaceessa dandeetti keeyyata barreessuu barattoota mana baruumsa qophaa'ina Gooroo Adaamaa irratti kan adeemsifame ta'ee gaaffilee bu'uura armaan gadii irratti xiyyeeffate jira.

- a. Barattoonni keeyyata yoo barreessan dogongora isaan uumaan maal fa'a?
- b. Baratonni mana baruumsa Qophaa'ina Gooroo Adaamaa Sababoota keeyyata qindomina qabu barreessuu dhabuu maal fa'a?
- c. Hanqina kitaaba Afaan Oromoo keeyyata barsiisuu irratti qabu maal fa'a?

### **1.5. Faayidaa Qorannoo**

Bu'aan qorannoo kanaa:

- ✓ Adda durummaan barattoonni dandeettii barreessuu keeyyata qindoomina qabu akka hin gabbifanneef rakkoolee sababa ta'an addaan baasanii beekuuf gargaara.
- ✓ Gama barsiisaan ta'ee barattaatiin dandeetti barreessuu xiyyeeffannoo akka argatu taasisuuf gargaara.
- ✓ Kitaaba Afaan Oromoo madaaluun ciminaa fi hanqinna isaa adda baasuun ibsuuf gargaara.
- ✓ Qorannoo gaggeeffamuun yaada furmaataa kennuuf gargaara.
- ✓ Dhimma dandeettii keeyyata barreessuu irratti qorannoo bal'aa hojjachuu kanneen barbaadaniif akka ka'uumsaatti gargaara.

### **1.6. Daangaa Qorannoo**

Bakki qorannoon kun itti raawwatu naannoo Oromiyaatti buchiinsa magaalaa Adaamaa mana baumsaa Qopha'inaa Gooroo keessatti kan raawwatamee dha. Bal'inni qabiyyee isaa ilaalchisee barreeffamni sadarkaa adda addaa of keessaa qabatuuyyuu kaayyoo qorannoo fi

sadarkaa barumsa barattootaa hubannoo keessa galchuudhaan waa'ee qaaccessa ga'umsa dandeetti keeyyata barreessuu qofaarratti xiyyeeffata.

### **1.7 Hanqinoota Qorannoo**

Adeemsa qorannoo tokko geggeessuu keessatti dhimmoonni qorannoof guufuu ta'uu kan danda'an akka jiru beekkamaadha. Haaluma kanaan, qorannoo kana geggeessuu keessaatti rakkoon qorataa muudatan hanqinoota kanneen akka kitaboota wabii gahaa jiraachuu dhabuu, yeroo fi hirmaattoota qorannoo kanaa bakka tokkotti argachuu dhabuu, deebii kenniitoonni deebii kennuu irraa of qusachuun qorataan akka rakkotti isa muudachuu danda'ee jira.

## **BOQONNAA LAMA**

### **Sakata'iinsa Barruu**

#### **2.1 Maalummaa fi Faayidaa Barreessuu**

Barreessuun jechuun karaa yaada, miiraa fi beekumsa sammuu keessaa jiru ittiin ibsinuu dha. Beektonni adda addaa barreeffama karaa adda addaatiin ibsu. Akka Hedge(1988) ibseetti barreeffaman jechuun barreessan yaada isaa walitti qabuun karaa hima, keeyyata, fi barruun kan ibsuu dha jechuun lafa ka'aniiru. Akka (Byrne 1988) barreessuun sirna yaada gurmeessuun qindeessani jechootan dubbisaa ilaachaa keessaa galchaa barreessu ti jedhan.

Qubeewwan yookaan mallattoolee uummanni irratti waliigaletti fayyadamuudhaan waraqaa, dhagaa, sibiilaa, fi kanneen biroo irratti qubeessudhaan mala ergaan itti darbu kun barreessuu jedhama (Geetachoo,2006:6). Barreessuun faayida heddu qaba. Akka

Geettachoon(2006:6-7) ibsetti barreessun fayyidaa inni qabu: Aadaa, seenaa, firii saayinsii, fi qaroomina dhaloota dhalootatti dabarsuuf, namoota fageenyaa irraa jiran yaada ofii ittiin waliif dabarsuuf, adeemsa baruu fi barsiisuu ittiin gaggeessuf, qo'annoo fi qorannoo ittiin gaggeessuuf, waliigaltee ummattoota jiddutti godhamu akka ragaatti ka'uuf, hojii ilma nama hunda ittiin gaggeessuuf fi ibsuuf oola jechuun ibsanii jiru.

Adeemsi qubeen, gaaleen, ciroon, himni qinda'anii keeyyatatti guddachuun barreeffama ta'u dha. Yaada kana hayyuun Beyrene (1988:1) yoo ibsu the symbol should be arranged in meaningful way to form words, words to form phrase or sentence and the combination of sentences to form and organized paragraph jechuun ibsanii jiru

## **2.2 Rakkoolee yookaan Dhiibbaa Keeyyata Barreessuu**

Barreessuun dandeetti barataan kamiyyuu guddiffachuu qabu keessaa isa tokko dha. Dandeettiin kun bu'a guddaa qaba. Keeyyata barreesuu irratti wantootaa rakkoo ta'an xiin-samuu barreesitoota, rakkoo xiinqooqaa fi rakkoo hubannoo ti.

Wantootaa keeyyata barsiisuu irratti dhiibbaa qaban: gochaleen keeyyata barreessuu afaan tokkooffaas ta'e lamaaffaan rakkisaa ta'uu isaa ni beekama. Kanneen dhiibbaa fidan keessaa hangafooni barsiisaa, barataa, meeshaa gargaarsa barnootaa (kitaaba) fi baldhinaa daree ti.

### **A. Barsiisaa:**

Barsiisaan adeemsa yookiin daree barnootaa keessatti kan uumu isa duraa ta'uun ni beekama. Barsiisichi daree qindeessuuf hamilee guddaa qabachuu qaba. Akka beekaa afaanii Laangaan (1985:89) ibsuutti, barsiisaan hamilee hinqabne fi ilaalcha gaarii hin qabne daree barnoota

keeyyata barreessuu dadhabsiisa.Kanaaf, barsiisaa hamileen hinqabane fi ilaalcha gaarii hin qabne daree barnootaa keeyyata barreessuu dadhabsiisaa.Kanaaf, hamileen barsiisaa, sadarkaan barnootaa, ilaalchi barsiisaan dogongoraa barattootaa sirreessuuf qabu barnootaa barattootaa irratti dhibbaa qaba.

Barsiisaan barattootaa keeyyata barreessuuf kaka'insa akka horatan taasisuufamaloota kanneen qabaachutu irra jiraata.

- ❖ Ilaalcha gaarii keeyyata barreessuuf qabachuu qaba,
- ❖ Gochaalee jireenyaa waliin walqabsiise akka barreessan jajjabeessu qaba,
- ❖ Gochaalee baay'ee barbaachisoo ta'an karoorsuun yeroo gahaa kennuuf qaba,
- ❖ Barattoonni barreeffama isaanii walitti akka agarsiisanii fi walgorsan gochu qaba,
- ❖ Al tokko tokko barattoonni dhuunfaan yookiin gareen keeyyataa akka barreessan shaakkala akka godhan taasisuu dha. Yaaduma kana Cristle, 1995 ibsetti barattoonni mataduree isaanii kenname irratti, biraatti argamuun deggaru qaba jechuun ibsani jiru.
- ❖ Yaada jajjabeessa kennuuf,
- ❖ Yaada barattootaa kennuu filachuutu irraa eegama. Barattoonni keeyyataa barreessan keessatti dogongora adda addaa uumaniif barsiisaan sadarka barumsa isaanii, ilaalchaa isaanii, fedhii isaanii ilaalcha keessaa galchuun hojii fuulduraaf kan kakkasuu duub-deebii kennu qaba (Adababaay, 1998)

## **B. Barataan:**

Barattoonni keeyyata barreessuu irratti rakkinni isaan mudatu keessaa muraasni nuffuu fi sodaatu fa'a.Kan biroo immoo daree barnootaa keessatti shaakkaala gahaa taasisuu dhabuuti.Yaada kanaa cimsuuf Jonassen & Grabowsski, (1993:120) akka ibsanitti bu'aan barachuu

barattootaa dhiibbaa tooftaan barattootaa isaa ittiin baratan jechuun yaada isaanii ka'anii jiru.

### **C. Meeshaa deggersa barnootaa:**

Daree barnootaa keessatti barattoonni keeyyata isaanii barreessan yoo muuxannoo isaanii irratti hundaa'e ni salphata. Gochaalee keeyyata barreessuu dandeetti barattootaa irratti yoo hundaa'e baay'ee gaarii dha. Kitaabni barnootaa afaanii barsiisuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Akka Giraant (1987:56) jedhutti, kitaabbileen shaakaala barnootaa keeyyata barreessuu barattootaa hamilee isaanii kan kakaasuu fi erga hojjataniin booda hubannoo kan kennu ta'uu qaba jechuun yaada isaanii kaayanii jiru. Gabaabummaatti barattoonnijechoota, sirna tuqaalee fi seer-luga akka fayyadaman taasisuuf gochaalee armaan gadii raawwatu qabu.

- ❖ Hamilee barattootaa kan kakaasuu fi jajjabeessuu
- ❖ Galma fayyadama kan qabu fi kayyoo haqaa irraatti kan hunda'ee
- ❖ Barattoonni fedhii fi yaada isaanii bilisaan akka ibsan kan taasisu
- ❖ Muuxannoo barattootaa fi dandeetti afaan isaanii irraatti kan hunda'e
- ❖ Daree barnootaa yookiin mana isaanii kan hojjatan ta'e barsiisaan kan soroorsuuf ta'u qaba jechuun yaada armaan olitti tarraaye kana (Spek, Bender W. 1998:89) barreeffama isaa keessatti kaayuu danda'ee jira.

Kana irraa wanti hubatamuu qabu, barsiistoonni gochaalee dandeetti keeyyata barreessuu akka gonfatan kan godhu mata duree barattoonni filatan irratti akka barreessan, carraan irraa deddeebi'an barreessuu yoo kennameef gaarii ta'a.

### **D. Baldhina Daree:**

Baldhina daree yoommuu jedhamu baay'ina barattoota daree tokko keessatti argaman jechuu dha. Baay'inni barattoota mala baruu fi barsiisuu irratti, akkasumas, barattoota hordofuu irraatti dhiibbaa mataa isaa ni qaba. Tokkoon tokkoon gochaalee barattootaaf kennamee dogongoraa sirreessuuf rakkoo ta'uun isaa hin oolu. Kanaaf barsiisaan tooftaa adda addaatti fayyadamuun barattoota isaa bira gahu qaba.

Barsiisaan tooftaa itti fayyadame tokkoon tokkoon karaa barattoota bira gahuu qabu uumuun barsiisuu irraa jiraata. Fakkeenyaaf meeshaalee ittiin barsisuu qindeessuun, barattoota wajjiin wal qunnamsisuun, muxxannoo adda addaa dhiyeessuun, si'si'eessuun, daree baldhaa keessatti daree xixxiqqoo uumuun barsiisuu akka danda'amu dha. Karaa biraatiin toofta ittiin barsiisu: gamtaan hojii kennuu, sagantaa baasuun daree dhabbataatti marsan akka hojjatan gochu, daree jijjiiruun, hojii projeektii kennuudhaan barattoota bira gahuun ni danda'ama.

### **2.3. Maalummaa Dogongoraa fi Sirreessuu**

Dogongorri akka beektotatti hiikkaa adda addaa qaba. Akka hiikkaa galmee jechoota Wubstari jedhutti dogongorri hubannoo gahaa dhabuu fi xiyyeeffannoo gochuu dhabuudhaan hiikkaa, caasaa fi dhugaa jiru tokko irraa maquu akka ta'ee ibsa. Kanaaf, barattoonni waan duraan beekaan tokkootti fayyadamuuf shakaalaa godhan keessatti irranfachuu, irraa maquu, gamaa seer-lugaa fi hiikkaatiin godhame dogongoraa akka uuman ni ibsa.

Barattooni yemmuukeeyyata barreessan dogongoraa adda addaa uumu. Kunis dogongorri murta'aa fi waligalaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu isaa barreeffama (Ellis, 1994), kessatti ibsuu dandeechee jirti. Yaaduma kana yoo ibsamu, *global error violates overall structure of a*

*sentence or paragraph and for this reason may make it difficult to process. Here as, local errors affects only a single constute in a sentence jechuun ibsani jiru.*

## **2.4 Maalummaa Keeyyataa**

Himonna haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'anii yaada handhuura tokko dabarsan irraa kan ijaarramu keeyyata jedhama(Geetachoo, 2006:117). Keeyyanni tokko yeroo barreeffamu yeroo baay'ee jechi jalaqabaa bitaa gara mirgaatti xiqqoo keessaa seenun jalqabama.Garuu yeroo dhiyoo keessaa barreeffama adda addaa irraatti gara keessatti xiqqoo seenuun barreessuu dhiisuun sarara haarawa irratti jalqabuun gahaa akka ta'ee fi itti hojjatama fi baratamaa dhufee jira.

Keeyyanni tokko yeroo barreeffamu dura duuba gochaa eeguudhaan barreeffama. Kana malees dabalataan daangaa yaada haandhuura/ topic sentence/ qabaachuun, jechoota dhibbaa (100) yookiin himoota torba hanga kudhanii kan of keessatti qabateefi himni tokkollee keeyyata tokko ta'uu akka danda'uu dha.

Akka Holt, fi kan biro(1994:9) jedhanitti keeyyata gahumsa qabu barreessuun rakkoo yeroo hedduu Afaan barreeffamaa kan Ingliffaa keessatti mul'atudha. “Keeyyanni maali?” fi “keeyyata barreessuuf yoom eegaluu qaba?” kanneen jedhan gaaffilee hedduminaan barattoonni gaafatanii dha.

Hiikkoon keeyyataa yaada tokko guutuu taasisanii ijaaruun barreessuu dha. Yaanni kun immoo himoota biroo isa deeggaran bal'atee keeyyata uuma. Kanaaf keeyyanni qoqqoodiinsa dhimma (mata duree) tokkooti.

Holt fi kan biro (1994:9) kitaaba "**Level English Language for College Students**" jedhu irratti keeyyata keesatti yaada barreessaa tokkoo adda baasee kan agarsiisu ykn ergaa waliigala keeyyatichaa gabaabsee kan ibsu hima ijoo jedhama. Kun immoo hima biroodhaan kan baballatuu fi kan gabbatu yoo ta'uu yeroo baay'ee jalqaba keeyyataarratti argama. Amalli keeyyata gaariis yaanni barreessaa tokkoo akkaataa dubbisaadhaaf galuu danda'uun ijaarramu jechuun yaada isaanii ibsanii jiru.

Akka Kaarol (1990:127) jedhamtu yaada ishee ibsitetti:

*A successful paragraph begins with a main idea. This idea is explained, developed and reinforced in the paragraph, with evidence provided. Sentences flow smoothly, connecting to each other and to the essay as a whole. Effective paragraphs help your reader to follow your line of reasoning or your argument jette turte.* Kunis, keeyyanni gaariin hima ijoo eegala. Yaada hima ijoo keessa jiru ragaa dhiyeessuun ibsuu, walqbsiisuu fi walfudhachisuu akkasumas walirratti ijaarramee deemu qaba. Kanaaf, dubbistonni salphaatti faana bu'uun sababaa fi raga kennite hubatu jechuun yaada ishee ibsitee jirti.

Keeyyata barreessuu keessatti keeyyanni yoo wal-qabatiinsa, wal-duraa duuba dhufiinsa fi tokkummaa himootaa hin qabne ta'e keeyyanni sun keeyyata osoo hin ta'in salphumatti barreeffama himoota waraqaarraatti barreeffame ta'a. Yaada ishee itti fufuudhaanis, keeyyata jechuun walfaanoonnii himootaa wal-qabatoo ta'an kan akka hima ijoo ta'anii fi himootacallaati. Fakkeenyaaf Keeyyata himoonni itti aanan dhufan hima ijoo kan gabbisan jechuun ibsuun ni danda'ama. Dabalataanis, Akka Getaachoon (2006:79-80) ibsetti keeyyanni himoota haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'anii yaada handhuraa tokko dabarsan irraa kan ijaaramudha. Ittifufuudhaanis, hima ijoo jechuun keeyyata

tokko keessatti yaada keeyyatichaa guutummaatti hammatee kan qabatee dha yookaan himoota keeyyata sana keessa jiran keessaa hima dimshaasha kan ta'ee fi yaada handhuraa kan qabate jechuun yaada isaa kaayee jira.

Irraa caalaan keeyyata kan ijaarramu hima ijoo, hima callaa fi himaa xumuraa irraayi. Hima ijoo jechuun yaada yookiin ergaa keeyyatichaa kan qabuu dha. Himni ijoo kun yeroo baay'ee hima waliigalaa jedhama. Sababni isaas dubbistoonni wa'ee isaa akka sirritti duukaa bu'an waan godhuuf. Yeroo baay'ees kan argamu jalqabaa keeyyata irratti yoo ta'u dubbistoonni salphumatti akka yaada isaa beekan gargaara. Himaa callaan immoo dhimmoota mata durichaa yookiin hima ijoof ragaa adda addaa dhiyeessuun deggarsa kennanii dha. Yeroo barreeffamanis duraa duubaa eeguun kandhufani dha. Hima xumuraa immoo himoonni ijoo fi callaa wa'ee waan tokkoo erga ibsaniin booda dhuma irratti jecha ciccimoo ta'een kan itti guduunffamuudha.

## **2.5 Faayidaa Keeyyataa**

Keeyyata sababani itti fayyadamnu keessaa hangafooni: himoota yaadan walfakkatan gurmeessuuf, dubbistoota qajeelchuufi akkasumas, barreeffama keenyaa gaggababsinee barreesuun dubbistootaaf mijeessuu dha.

## **2.6 Caasaa Keeyyataa**

Akka Geetachoo, (2006:117) ibsetti caasaan keeyyataa tajaajila kennan irratti hunda'uudhaan bakka saditti qoodama. Isaanis: hima ijoo, hima callaa (gargaartu) fi hima cuunfaa (xumuraa) ti jechuun kaayee jira.

**Hima ijoo:** hima ijoo jechuun akka geetachoon ibseetti keeyyata tokko keessatti yaada keeyyatchaa guutuummatti hammate fi yaada handhuura qabaate dha jechuun ibsaniru. Itti dabaludhaan himni ijoo keeyyata tokko keessatti bakka adda addaa irraatti argamu isa ibsu. Kanaafis, himni ijoo jalqaba, dhuma, jidduu, fi jalqabaa fi dhuma keeyyataa irraatti argamu ni danda'a.

**Hima Callaa:** himni callaan keeyyata keessatti argaman ibsitoota murtawoo dha. Himoonni callaa kun hima ijoo keeyyata keessaatti argaman sana: yaada haandhuraa ta'e hima ijoo keessa jiru yaada murtawo kan ibsanii fi babaldhisan, haqoota, fakkeenyoata fi yaadota amansiisaan kan ibsani dha. (*Supporting Sentences are sentences that develop topic sentence or main idea. They explain the topic sentence by giving reasons, examples, facts, and statistics, quotations.*). Dhuma irratti gaafilee hima ijo keessatti ka'an kan deebisani dha.

**Hima xumuraa:** hima xumuraa jechuun keeyyataa tokko keessattiyaada handhuura ta'e jechoota birootiin kan gudunfamu fi cimuu dha. Hima xumuraa hima keeyyata tokko xumuruu yookiin hidhaa keeyyataa jedhamuun beekama. (*Concluding Sentence is a sentence in which the writer concludes the paragraph in order to give the reader with important points to note*).

## **2.7 Gosoota Keeyyataa**

Keeyyanni barreeffamu waan adda addaa irraat waan ta'eef akaakuu isaas garagaara. Asirratti wanta hubatamuu qabu gosa tokko kan biroo

irraa dangaan asi jedhamee jala sararame hin jiru. Akka waligalatti Geetachoon, (2014:126) bakka torbatti qoodaniiru:

### **2.7.1 Keeyata Addeessaa**

Keeyyanni addeessan bifa lamaan ibsama. Isaanis: akkuma jirutti addeessuu yommuu jedhamu wanta jiru sana jechootaan bakka buusuun ibsuu yookiin addeessuu jechuu dha. Inni biroo immoo waan argine akka dhageettii keenyaa tuqeetti barreessuuyookiin addeessuu dha. Kana yoo jennu wantoota, ta'iinsota, gochoota, akka arginee nutti dhagahameetti barreessuun namni biroo akka keenyatti akka hubatu jechootaan suuraa sammuu namaa keessatti uumuu dha. Keeyyata addeessa keessatti qabxileen irraa darbamuu hin qabne: wanta ilaallamu qalbeeffanna kennuu, bakkaa irraa addeeffamu beekuu fi jechoota filatamoo maqibsii fi xumuribsi garagaramuun barbaachisaa dha.

### **2.7.2 Keeyyataa Seenessuu**

Seenessuu jechuun ta'iinsota, gochoota, qunnamtii namoota xumura tokkotti adeeman gabaasuu jechuu dha. Seenessuun karaa ittiin yaada tokko namaatti dabarsan keessaa tokko ta'ee seenaa dhugaa ta'ee yookiin argaa yaada jalqabaa, jidduu fi xumura gaariitiinbarreessuu jechuu dha. Arga yaada jechuun ta'iinsawwaan tokkouumuudhaan yookiin muxxannoo irraa ka'un tartiiba ta'iinsa waan tokko eeguun kanbarreeffamuu dha.

### **2.7.3 Keeyyata Ibsaa**

Keeyyataa ibsa yemmuu jedhamu gosoota keeyyataa ta'ee yaadota, wantootaa, fi haalota ittiin ibsuuf kan nama gargaaruu dha. Keeyyanni ibsaa kan ittiin madaallamu dhugaadhaan. Kana jechuun dhugaa irratti hunda'e

barreeffamu qaba.Faayidaan isaa odeeffannoo kennuu fi qajeelfamadabarsuu dha.

#### **2.7.4 Keeyyata Adeemsaa**

Keeyyataa adeemsaa jedhamee kan beekkamu wanti tokko yookiin gochi tokko jalqabaa hanga dhumaatti tartiiba isaa eegee namoota dubbisaaniiif kan dhiyaatuu dha.

#### **2.7.5Keeyyata Amansiisaa**

Keeyyata amansiisaa yookiin mormisiisa jedhamee kan beekkamu yaada ofii dubbistoota amansiisuuf yookiin fudhachiisuuf haqa, fakkeenya fi sabaaboota adda aaddaatti gargaaramanii barreessuu dha. Keeyyata amansiisaa keessatti yaanni barreeffamu ilaalcha yoo ta'e ragaadhaan deggeramuu qaba. Haqa yoo ta'e garuu ragaa hin barbaadu. Yaanni dhugaa yookiin soba ta'uun isaa namoota hundaan hubatamuu haqa yemmuu jedhamu, yaanni dhugummaan yookiin sobummaa isaa ragaan mirkana'uu hin dandeenye ilaalcha jedhama.

#### **2.7.6 Keeyyata Hiikaa**

Keeyyata hiikaa kan jedhamu yaada, jechaa, gocha, ta'ewwan argan sana akka nama biroo galutti ifa gochuuf fakkeenyaan, ragaan deggeruun hiika itti kennuu dha.

#### **2.7.7 Keeyyata Dorgomsiisaa**

Keeyyatadorgomsiisaa jedhamu faayidaa yookiin miidhaa gochoota, namoota fi wantootawalbira qabuun qabxii isaanii ittiin waldorgoman qopheessuunkan ibsamuudha.

## **2.8 Tooftaalee Keeyyanni Itti Barreeffamu**

Ogummaa keeyyata barreessuu cimsachuuf irra deddeebi’anii shaakaluu fi barreessuuf murteeffachuu danda’uu dha. Namni kamiyyuu ogummaa kan wajjiin waan hin dhalanneef barachuun barreessaa gaarii ta’uun ni danda’ama.

Keeyyata barreessuun dura qabxii armaan gadii kana beekuun barbaachisaa dha. Qabxiileen kunis:

### **Tarkaanfii-i**

#### **Mata duree filachuu:**

Hunda dura waan barreessuu qabnu beekuun barbaachisaa dha. Jalqaba irratti mata duree keeyyata barreessuuf qabnu sana jecha, gaalee fi hima tarreessuu dha. Sababni isaa waan barreessinu sana hagam akka beeknu gaaffilee armaan gadii of gaaffachuun barbaachisaa dha.

- ❖ Mata duree kana irratti maaliin barreessa?
- ❖ Waa’ee mata duree kanaa maaliin beekaa?
- ❖ Waa’ee mata duree kanaa yoo kan hin beekne ta’e eessaan ragaa argadha? Akkamiin mata durichaa wajjiin walitti firoomina?

## **Tarkanfii-ii**

### **Mata duree filatame irratti hima ijoo barreessu:**

Keeyyataa barreessuun dura wa'ee hima ijoo yaaduun mata duree filannee sana woliin deemuu isa hubachuun barreessuun barbaachisaadha. Yeroo baay'ee hima joo barreessun salphaa dha. Yaada ijoo kana irratti hundoofnee yaada bal'aa waan ibsamuuf yeroo tokko tokko himni ijookun hima yaada to'atu jedhamuun waamama.

## **Tarkanfii-iii**

### **Qabxii irratti barreessinu muldhisuu:**

Erga hima ijoo keeyyatichaa barreeffameen booda waa'ee hima ijoo ragaalee, fakkeeniyota, ibsitoota, addeessitoota kennuun barreessuu dha. Yaada isaa sirriitti to'annee barreessuuf gaaffii armaan gadii xiyyeeffannoo keessa galchuu dha.

- ❖ Fakkeenya maal fa'a fayyadamuu qaba?
- ❖ Ragaalee akkamii dhiyeessuu qaba?
- ❖ Ragaa dhiyaatan kana akkamiin ibsa?
- ❖ Ragaalee , muxxannoo, dhugummaa isaa deggeruun barreessa
- ❖ Yaada kiyya irraa dubbistoonni maal beekuu akka qaban ibsuun hagam barbaachisaa?

Gaaffilee kanaaf deebii argachuu qabna. Yoo ta'uu baate guutuu hin ta'u; yaada nama biroo dabarsuu barbaanne guutummaan hin darbu. Kanaaf, qabxii xiyyeeffannoo kennuufii qabnu ragaalee barreeffama keessatti haammatamuu qaban keessa hangafonni:

- ❖ Dhugummaa, tarreeffama, sababoota, fakkenyoota.

- ❖ Ragaa dubbisa irraa argame yookiin marii daree keessaa
- ❖ Yaada nama biroo irra deebi'uun ibsuu
- ❖ Daataa, dhibbantaa fi bu'aa qorannoo fi
- ❖ Muuxannoo namootaa, seenaa, seenaa jireenyaa fa'a .sssss

Yeroo tokko tokko keeyyata yommuu barreeffamu gaalee kanneen akka fakkeenyaaf, jalqabaa, itti aansee, dhuma irratti, kanaaf jedhan fayyadamuun dubbistoonni akka yaada barreessaa caalaatti argatan godha. Asirratti wanti hubatamuu qabu, eessaa akka argame madda isaa waliin barreessuun barbaachisaa dha.

### **Tarkaanfii-iv**

#### **Qabxii irratti barreessine sana hiika kennuu:**

Namni keeyyata barreessuu tokko erga barreesseen booda irra deebi'ee waan barreesse sana ilaaluu qaba. Ergaan keeyyata isaa/ishee dubbistoota bira yoo gahe yaada isaa/ishee argachuu danda'u moo hiika biraa kennuuf kan jedhu hubatamuu qaba. Kana immoo dubbistoonni kan argatan ragaa kenname hiika qabaachuu, walfudhachuu, walfakkachuu fi ofitti nama harkisuu isaa irra deddeebi'nee ilaaluu qabna. Kanaaf gaaffilee kana xiyyeeffannaa itti kenninee deebii barbaaduufii qabna.

- ❖ Ragaan dhiyaate sun maal ibsa?
- ❖ Akkamitti keeyyanni sun wal qabate?
- ❖ Hagam ragaan sun barbaachisaa dha?
- ❖ Keeyyatni sun nama ofitti harkisuu danda'aa?

## **Tarkaanfii-v**

### **Hima xumuraa barreessuu:**

Keeyyataragaan deggaramee ibsame sana yaada xumuraa itti kennuu dha. Himni xumuraa himoota biroon walqabsiisuun akka keeyyatni walfudhatu godha. Himni hundi hima xumuraa ta'uu hin danda'u. Hima jiru keessaa tokkotu hima xumuraa ta'a.

Himnixumuraa gahee olaanaa lama qaba. Tokkoffaa, ragaalee dhiyaatan ibsi itti kenname sana cuunfamee akka dhiyaatu godha. Dabalatan jecha yookiin gaalee hima ijoo keessa jru sana irra deebi'uun dhiyeessa. Jechoota kanneen akka kanaafuu, waan ta'eef, kana taanaan jedhamu itti fayyadamu. Lammaffaan immoo, himoota ammaa fi kan duraa walitti hidha. Jechoota kanneen akka itti aane, dabaltaan, kan jedhamu itti fayyadama.

## **Tarkaanfii-vi**

### **Irra Deebi'anii Ilaaluun Sirreessuu:**

Keeyyata barreessuu keessatti tarkaanfii dhumaa waan barreessine sana irra deddeebinee dubbisuu dha. Barreeffama keenya kana sagalee olqabuun akka miira gaarii qabu mirkaneeffachuu qabna. Kun kan barbaachiseef haala kaayyoo keeyyataatiin barreessuu keenyaa fi dogoggora jiru sirreessuuf nama gargaara.

Barreessaan qabxiilee kanneen akka waliigalatti kaa'uu ni danda'a. Mata duree filachuu, eenyuuf, akkamiin akka barreessinu filachuu, raga walitti qabachuu, yaada ijoo, ragoota fi xumuraa jechuun barreessuu, dura duubaa eegaa barreessu, irraa deebu'uun dubbisuu fi mirkaneeffachuuf irraa deddeebi'ame dubbisuudha.

## **2.9. AmalootaKeeyyata Gaarii**

Keeyyatni gaariin maali jedhamanii osoo gaafatamanii namoonni hedduun Tuuta himootaa kan dogoggora sirna tuqaalee fi seer-lugaa hin qabne. jechuu danda’u. Haata’u malee akka St. Mary’s (2002) kitaaba Fundamentals of Paragraph Writing Department of Distance Education)jedhu keessattiakka ibsametti keeyyanni gaariin qabxiilee armaan gadiikan qabatee dha. Isaanis: tokkummaa, gahumsa, xiyyeeffannaa, walta’iinsaa fi tartiiba of keessatti kan qabateedha.

### **2.9.1 Tokkummaa**

Keeyyata gaarii barreessuu keessatti qabxiilee hubannoo keessa galuu qaban keessaa tokko tokkummaadha. Akka kitaaba St. Mary’s (2002) ibsameetti *Unity in a paragraph is internal consistency. Any thing that does not advance the purpose of the paragraph destroys its unity. For example, the first sentence in the following paragraph, the topic sentence, commits the paragraph is unified, each succeeding sentence supports that idea* jechuun ibsaniiru. Kana jechuun keeyyaticha keessatti yaadni dursee ibsame kan itti aanee dhufu waliin kan walsimu, himni jalqabaas kanneen biroo itti aansuun keeyyaticha keessa jiran waliin waltumsee yaada ijoo keeyyatichaa ibsuu kan danda’u jechuu dha.

Akka Geetacho ibsetti lakkoofsi mat-hima himoota keeyyata tokko keessatti argaman martinu tokko.Keeyyaticha keessatti himni ijoo fi himoonni calla sagalee tokkoon yaada tokko ibsu yoo ta’e keeyyatichi tokkummaa qaba jechuun ibsaniiru.

### **2.9.2 Gahumsa**

Gahumsi keeyyata tokko karaa adda addaatiin xiinxilamuu ni danda'a. Innis sadarkaa hubannoo kanneen keeyyata dubbisaniif akka hubataniitti barreessuu danda'uu dha.

Kitaaba St. Mary's (2002) irratti akka ibsametti *Completeness is relative. How much explanation an idea requires depends on how much the reader needs. This is a decision the writer must make out of knowledge of the subject and of the audience. It is an error to give either too much explanation or not enough* jechuun ibse jira. Yaada kana yommuun ibsu gahumsi keeyyata tokkoo birqabaadha.

Keeyyata barreessinu dandeetti dubbistoota yaada keeyyata keessa jiru sana dandeetti hubachuu isaa giddu galeessa godhachuun barreessan murtoo dabarsuu dha. Yoo yaada bal'aa kan ibsu ta'e hubachuu dadhabuu dubbisaa barreeffama sanaatiif rakkoo ta'a jechuudha.

### **2.9.3 Walta'insa**

Walta'iinsi amala keeyyanni gaariin of keessatti qabaachuu malu keessaa isa tokko dha. Yaad kana kitaaba St. Mary's keessatti:

*Coherence means holding together is an essential quality of a good theme because without coherence no clear communication of thoughts passes from a writer to the reader. The thoughtful writer remembers that he/she is attempting to transfer ideas to the reader, to show him or him/her clearly that whole theme has made orderly progress from beginning to end. In a coherent theme each sentence must grow out of the preceding one. A paragraph is coherent, therefore, which its parts have been so carefully woven together that the reader is never confused about the relationship of ideas.*

Yaadonni garaagaraa kan jechootaa fi himoota adda addaatiin keeyyata tokko keessatti tarreeffaman hundi waltumsuu fi walta'iinsa qabaachuudhaan yaada ijoo keeyyatichaa tokko ibsuu qabu. Walta'iinsa

hinqaban taanaan yaada ijoo keeyyata tokko addaan baasanii yaada armaan olitti ibsame irraa hubatamuun kan danda'amu yaanni ifaan barreessaa irraa gara dubbisaatti darbuuf keeyyanni tokko walta'iinsa qabaachuu fi himni dursee dhufu itti aanee dhufuuf bu'uura ta'uu qaba. Akka Geetachoon barreeffama kitaaba” Furtuu” keessatti himoonni keeyyaticha keessaa kan walitti rarra’an ta’ee yaadaan kan walqabate deemu yoo ta’e jechuun ibsani jiru.

#### **2 .9.4 Xiyyeeffannaa**

Xiyyeeffannaa keeyyataa tokko karaa adda addaatiin xiinxaluun ni danda’ama. Innis hubannoo kanneen keeyyaticha dubbisuuf jiranii bu’uureffachuun kan barreeffamuu dha. Kana malees, kaayyoon barreessas ga’umsa keeyyanni tokko qabaachuu maluuf muteessaa dha.

Akka barreeffama St. Mary’s College (2002) kaayame irratti keeyyataa ibsuuf qabxiileen baarbaachisan dubbisaa irratti hundaa’a.Kun immoo murtoo barreessaan osoo barreessuu hin eegaliin murteessuu qabu dha. Yaada barreessu sana irratti beekumsa qabuu fi sadarkaa hubannoo dubbistoota isaa xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan qabxiilee yaada keeyyatasaa ga’aa taasisan fayyadamuun kan barreessaa ti.

Akkataa kanaan keeyyata ijaaramu keessatti jalqabaa hanga dhumaatti qabxiileen jiran dubbisaadhaaf waan hubatamaniin yaada barreessaan dabarsuu barbaade guutummaan gara isa dubbistoota biraan ga’uu danda’a.Bakaa keeyyatni walta'iinsa hin qabneetti hariiroo gaariin barreessaa fi dubbisaa gidduu jirachuu hin danda’u.

**Tartiibaa Ijaarsa Keeyyata-** Keeyyataa ijaaruuf tartiiba eeguu qabu. Tartiiba eegamu qabu keessaa hangafoonni: tartiibaa gochaa, yeroo, bakkaan, baay’inaan yookiin guddinaan fi yaadaan (Geetachoo, 2006).

### **Tartiiba gochaa:**

Keeyyatni akka hojiin itti hojjatame ibsan yookiin qajeelfama Kennan yookiin immoo gocha raawwatame tokko ibsan keessatti qabxiileen ibsaman tartiibaa sirrii ta'e hordofanii dhiyaachu qaba. Tartiibni kun tartiiba gocha jedhama.

### **Tartiibaa yeroo:**

Tartiiba ijaarsa keeyyataa keessatti yeroo irratti hunda'uudhaan kan dura yookiin jalqabaa ta'anii fi kan itti aanan sirreessanii barreessuu dha. Karaa birootiin immoo keeyyata tartiibaa gochaa raawwatameen yoo barreessine tartiibaa yeroos hordofne jechuu dha. Tartiibaa yeroos yoo fayyadamne tartiiba gochaas gargaaramne jechuu dha.

### **Tartiiba bakkaan:**

Tartiibaa bakkaan meeshaalee yookaan wantootaaf bakka itti argaman yookiin raawwataman hordofun gara mirga, bitaa, jalaatti, waan argaman akka adda baasuun tartiiba kennamu dha. Tartiibaa baay'inaatiin yookiin guddinaan-hamma gochiv tokko raawwatame baay'inaan yommuu barreessinu baay'ee irraa gara xiqqootti yookiin xiqqoo irraa baay'eetti ibsina.

### **Tartiibaa yaada:**

Tartiibni yaadaatiin keeyyatni ijaaramu yaada murtawwaa irraa gara dishashaatti yookiin dimshashaa irraa gara murtaawaa, xaxamaa irraa gara salphaattin yookiin salphaa irraa gara xaxamaatti ta'uu ni danda'a.

## **2.10 Qajeelfama Dandeetti Keeyyata Barreessuu**

Keeyyataa barreessuu keessatti barsiisaas ta'e beektoonni qajeelfama adda addatti fayyadamuun yommuu barreessan ni muldhatan. Garuu irraa caalaan isaan bakka walgalan qabu. Akka Baayireen (1988:) ka'eetti qajeelfamoota armaan gadii ka'ee jira.

**A.Kan sirreessuu irraatti xiyyeeffatu:**

Barattoonni yommuu keeyyataa barreessan dursi kan kennamuuf ofummaa isaaniitiin akka sirreessan, ittii aansee hiriya isaanii akka isaanii sirreessan dhumaa irratti barsiisaan akka sirreessuu godhamu ta'a. Kanaafuu yaada keeyyata keessatti barreessinu namoota biro karaaqajeelchuuf, itti agaarsiisuuf, amansisuuf, hubachisuuf kan gargaaruu dha.

**B.Kan yaada ofii ibsuu irratti hundaaye:**

Keeyyata barreessinu keessatti waan barreessaatti dhagamee, hubachisuu barbaade, miiraa itti dhagamee yaada mata isaatiin kan ibsuu yoo ta'ee dha.

**C.Barreeffama irraatti kan xiyyeeffatu:**

Barreessaan tokko mata duree adda addaa irratti keeyyataa gosa adda addaa barreessu danda'a. Kanaafuu, barreeffamni isaa kun ibsaan, addeessuun, fakkeenya kennuun, waldorgomsiisuun barreessuu ni danda'a.

**D.Kayyoo irratti kan xiyyeeffatu:**

Namni barreeffama adda addaa barreessuu kayyoo mata isaa ni qaba. Kanaafuu keeyyanni inni barreessuu kayyoo sanaan alaa deemuu hindanda'u.

## **2.11 Toofta Keeyyataa Barreessuu Barsiisuu**

Keeyyata wayita barreessinu akka adeeemsa fi galmaatti ilaalu qabna. Akka Melakneh M.(1992:193) kitaabsaa "**Pre-College English**" jedhu keessatti sadarkaaleen keeyyanni itti barreeffamu akka armaan gadiitti kaa'ee jira.

### **2.11.1 Waan Barreeffamu Adda Baasuun Beekuu**

Barataan tokko akkataa ijaarsa keeyyataa barreeffame tokkoo dubbisee osoo hin hubatiin keeyyataa qindoomina qabu barreessuu hin danda'u. Sababni isaa keeyyataa dubbisuufi hiikkaa isaa hubachuun garagaara waan ta'eef. Itti dabalaanis, keeyyataa addressaa dubbisuudhaan ergaa isaa hubachuu fi og-barruu biroo dubbisuudhaan ergaa isaa hubachuun dandeettii adda addaa gaafata. Qabxiilee kana hubannoo keessa galchuudhaan waan barreeffamuuf jedhu dursanii adda baasuun dubbisaa fibarreessaan yaadaan akka walhubatankan taasisuuf, kaayyoo barreeffamichaas galmaan gaha.

### **2.11.2. Waan barreeffamu irratti odeeffannoo funaanuu fi filachuu**

Barreessaan tokko sammuu isaa keessatti yaadota adda addaa hedduu qabaatuyyuu, hunda isaanii al tokkoon dhiyeessuu hindanda'u. Waan barreessuu barbaade murteeffachuudhaan odeeffannoo biroo yaada isaa gabbisuu qabaniin deeggaruu qaba. Kana rawwachuuf immoo yaadichi ifaafi qabatamaa ta'uu qaba. Yaaduma tokko kallattii adda addaatiin ibsuu danda'uu qaba. Gumee qopheefachuun, eessatti, yoom, eenyuuf akka barreessan beekuun walumaagalatti, waan barreeffamuuf jedhu karoofachuun odeeffannoo gahaa qabaachuuf gargaara.

Fakkeenaa qophii ***gumeetiif*** haal-dureen nubarbaachisan jiru. Duraa duubni qabxiile gumee keessatti dhufuu qaban: mata duree filachuu, hima ijoo barreessuu, qabxiilee hima ijoo gabbisan tarreessuu, qabxiilee kanneen irra deebi'uun sadarkaan tarreessuu, keeyyata jalqabaa barreessuu, keeyyataa dubbisuudhaan tokkummaa, walta'iinsaa fi ijaarsa yaadichaa xiinxaluu, namatti agarsiisuu, irra deebi'uun sadarkaa xumuraaf keeyyaticha barreessuu dha.

### **2.11.3 Barreessuu Eegaluu**

Sadarkaan kun akka lafeetti foon uffisutti fudhatama. Qabxiileen lamaan armaan olii sirritti rawwatamaan, barreessuun isaa ni milkaa'a. Keeyyaticha bareechuuf immoo walqabsiistotaa, sirna tuqaalee fi seer-lugaatti sirritti fayyadamuun murteessadha.

## **BOGONNAA SADI**

### **Malleen Qorannoo**

Kaayyoon Gooroon qorannoo kanaa Qaaccessa dandeettii keeyyata barreessuu barattootaa bulchiinsaa magaalaa Adaamaa Mana Barumsa Qophaa'ina Gooroo qaban qaceessuudha. Qo'ataan qo'annoo isaa gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaa fi hammamtaa waliin makuun dhimma ittiin bahe jira. Sabani mala kanatti dhimmi bahamees odeeffannoo bifa kaayyawaa ta'een gargaaramuun odeeffannoo isaa kan funanname dha (Dastaa, 2013). Yaadauma kana Cresswell (2003) tti qo'anno tokko keessaatti mala lachuu jechuun mala akkamtaa fi hammamtaa waliin makaauun fayyadamuun akka danda'amu ibsanii jiru. Haaluma kanaaf, qorannoo kana keessatti mala hammatan ragaa argame kana cimsuuf mala akkamtaa itti dabaluun barbaachisaa ta'ee argameera.

### **3.1. Madda Ragaa**

Qorannoo kanaaf madda ragaa lamaatti gargamee jira. Isanis madda ragaa 1<sup>ffaa</sup> fi madda ragaa 2<sup>ffaa</sup> tti fayyadame jira.

#### **3.1.1 Madda Ragaa 1<sup>ffaa</sup>**

Qorataan qorannoo kana keessatti akka madda ragaa tokkoffaatti kan gargame keessa barsiistoota manneen barumsaa qopha'inaa

Goororootti argaman keessaa kan kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> Afaan Oromoo barsiisaan lama, itti gaaaffatama mummee lama fi barattootaa daree Afaan Oromoo barataan saddeetamii tokkoo fudhachuun qorumsa barreeffama kennuun bu'aa isaan gameessuun akka madda ragaa tokkoffaatti odeeffannoo irra walitti funaanee jira.

### **3.1. 2 Madda Ragaa 2<sup>ffaa</sup>**

Akka madda ragaa 2<sup>ffaa</sup>tti qorannoo kana keessatti itti gargaarame qorannoo mata duree kana irratti hojjatame, jornaaliiwwan addaa addaa fi Kan kana waliin wal qabatan irraa odeeffannoo saasaabun qo'annoo isaa raawwatee jira. Akkasumas kanneen akka intarneet fi galmees addaa addaatti gargaarame jira.

### **3.2. Iddattoo**

Mana barumsaa keessatti kan iddattootti filataman barattoota kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> daree Afaan Oromoo, barsiisota Afaan Oromoo barsiisan fi itti gaaffatama mummee yoo ta'an barattoota daree Afaan Oromoo kutaa 8 keessaa jiran dhi= 217 fi Du= 311 wolitti qabaa 528 kan argaman yoo ta'uu kana keessaa mala carraa tasaatiin/simple random sampling/ 15% fudhatame jira. Baay'inni isaanis dhi=32(6%) fi Dub=49(9%)tu fudhatame. Barsiistootaa mana barnoota kana keessatti daree Afaan Oromoo barsiisaan mala kaayyeeffanaan/purposive sampling/ nama 2(100%) yoo filataman, itti gaaffatamtoota muummee Afaanii keessaa 2 filatamani irraa odeeffannoo walitti funaanname jira.

### **3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee**

Qorataan rakkoo guyyaa guyyaan isa qunnamu hiikuuf tooftaa adda addaatti fayyadamuun odeeffannoo funaanuun barbaachisaa

dha.Kanaafuu qorannoo kana keessaatti qorataan malleen af-gaafii, marii garee xiyyeeffanoon, sakata'insa kitaababarataa fi qorumsaa irratti hunda'uun odeeffaanno funaaname jira.

### **3.3.1. Qorumsaa**

#### **A. Qorumaata Barreeffama**

Qarannoo kana galmaan gahuuf tooftan qorataan ragaa ittiin funaanuuf kan itti gargaaramee keessaa tokko qorumsa barreeffamaa ti. Qorataan barattoonni sadarkaa isaanii irraa jiran beekuuf mata duree tokko kennuun keeyyata qindoomina qabu akka sararaa torba hanga kudhaanitti akka barreessan godhame jira.

**B. Keeyyattoota Barattootaa** - barattoonni keeyyata bareessuu irraatti maal irra akka jiraan beekuufi maal fa'a irraatti akka hanqinaa qaban addaan baasuuf mata duree tokkoo kennameefi keeyyatabarreessuun addaan baasuun yaalame jira. Barattoota biraatti rakkinnoota jiran keessaa kan akka hima ijoo, caallaa, fi xumuraa waan barbaachisu sirritti addaan baasuu dhabuu, qindoomina keeyyata eeguu dhabuu jechuun tokkummaa, walta'iinsaa, gahumsaa, fi xiyyeeffatamummaa isaa sirritti addaan baasanii hubatu dhabuu fi seer-luga fi sirna tuqaalee akkamiin akka fayyadaman addaan baafachuuf waan gargaaruuf barattoonni keeyyataa akka barreessan godhame jira.

### **3.3.2 Qaceessaa Galmee**

Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> qabiyyee isaanii , kaayyoo ifaa qabaachuu, umrii, fedhii, muxxannoo jireenyaa barattootaa waliin deemu isaa, gilgaala gahaa qabaachuu fi yeroo qabiyyee kanneeniif rammadamee xiinxaluun ilaallamee jira. Dabalataan akkaataa walduraa duubaa dhufiinsaa qabiyyichaa ilaallame jira.

### **3.3.3. Af-Gaaffii**

Af-gaaffiin odeeffatootaa fi qorataan fuulleetti walarganii odeeffannoo walii kan kennanii dha. Meeshaan funaansa ragaa kun odeeffannoo baay'ee murteessa ta'e bifa gaaffii banaa fi cufaatiin qopha'an gaaffachuuf gargaara. Afgaaffiin qorannoo akkamtaa keessatti toofta funaansa raga murteessa fi hubannoo namoonni waan tokko irratti qaban baruudhaafis ta'ee namoota biros hubachisuudhaaf mala cimaa dha. Gaaffilee banaa kan jedhaman namoonni odeeffannoo kennan osoo hin dhiphatiin taphachaa waan gaaffataman sana bu'uura godhatanii hanga beekaan sana muxxannoo qaban waliin deebii kan kennanii dha(Dastaa, 2013). Deebiin isaanii dangaa hin qabu. Haaluma kanaan af-gaaffii mata duree "Qaaccessa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota Mana Barumsa Gooroo Qophaa'ina Adaamaa" jedhu irratti afgaaffii odeeffatoota barsiistoota, supparvaayizara keessoo fi itti gaaffatama mummee walumagalatti namoota 4 (afur) keessaa dhiiraa 3 dubartii 1 filatamanii irraa odeeffannoon gurameera.

### **3.3.4. Marii Garee Xiyyeeffannoo**

Mariin garee kan namoonni garagaaraa walitti dhufuun gaaffii dhiyaatuuf dabareedhaan deebii kennanii dha. Kanaaf, yaada kana akka Kothari (2004) yoo ibsu *focused group interview is meant to focus attention on the given experience of the respondent and focused the attention of a participant on a particular topic jedhan jiru*. Marii garee kan muxxannoon namoota garagaaraa walitti dhufuun mata-duree qorannoo tokkoo cimsuudha. Kanaaf, qorataan namoota kanneen walitti fiduun odeeffannoo gahaa irraa funaannachuuf waan gargaaruuf mala kanatti fayyadame jira. Sabaabni isaas marii garee keessatti yeroo yaada

waljijjiiraan yaada dagatame kan biroo yaadachiisuu kan danda'uu ta'uu isaa ti. Kanuma irratti hunda'uun marii garee tokko qabuu hundeessuun mata-duree sadii kennuu fi beekumsaa fi yaada mata duree irratti qaban akka Kennan taasisa. Gareen marii kun namoota afur kan of keessatti qabatu ta'ee wa'ee mata duroota irratti gadii fageenyaan dhimmichaa waan beekaan jedhame amaneef.

### **3.4 Adeemsa Qaceessaa Ragaalee**

Malleen filannoo iddattoo mana barumsaa ittiin filatame mala kayyeeffanna/purposive sampling/ fayyadamuun yoo ta'uu namoota ragaan irraa guramu barsiisaan afaan oromoo barsiisuu lakkoofsi isaanii xiqqaa waan ta'eef hunduma isaanii dhi-1 fi dub-1 walitti qabaa 2 fi itti gaaffatamoota mummee afaanii 2 (dhi-2 ) fi barattootaa dhi-32 dub- 49 walitti qaba-81 akka hammataman godhame jira. Malleen ragaalen itti funaanames, qorumsaa barreeffama, sakkata'insa galmee, Af- gaaffii fi Marii gareetiin xiyyeeffanaa funaanee dhumarrattis ragaalee adda addaa xiinxalame jira.

Adeemsa qaaccessa ragaalee bar-gaaffiin barsiisota fi I/G/Muumeen irraa ittiin funaanuun dhibbantaadhaan gabatee keessatti qaaceffamuu danda'ee jira. Akkasumas adeemsa qaaccessa ragaalee Af- gaaffii fi marii gareetiin barsiisota fi I/G/Muumeen irraa funannameen akkaataa yaada isaan kennan wal fudhachuudhaan qaaccessuun barreeffamuu danda'ee jira. Madaallii kitaaba kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> ilaalchisee kaayyoo ifaa qabaachuu, umrii, fedhii, muxxannoo jireenyaa barattootaa waliin deemu isaa, gilgaala gahaa qabaachuu fi yeroo qabiyyee kanneeniif rammadamee xiinxaluun ilaallamee jira. Dabalataan akkaataa walduraa duubaa dhufiinsaa qabiyyichaa ilaallame jira. Qormaata keeyyata irratti bartootaaf kennaman immoo qabxiileen of keessatti hammataman

caasaa fi qindoomina keeyyataa akkasumas sirna tuqaalee fi seer-luga itti fayyadama isaanii gabateedhaan qaaccessuun barreeffamaan tokkoon tokkoon isaanii kaayamuu danda'ee jira.

## **BOQONNAA AFUR**

### **Qaceessaa Ragaalee**

Boqonnaa kana jalatti ragaalee kallattii garagaaraan (af-gaaffiin, marii gareetiin, kitaaba barataa madaaluun fi qorumsaa barreeffaman) funaanametuu qacceffame. Odeeffannoon funaanames barsiistoota, barattootaa fi itti gaaffatamtoota mummee afaanii fi kitaabaa barataairraayi. Meeshaalee kuniin eeramaan ragaaleen walfakkaataan meeshaalee adda addaatiin haafunaanamu malee, yaada wal fakkaatu waan qabuuf bakka garaa garaatti ibsuun irra deddeebii yaadaa fiduu danda'uuf haala armaan gadiitiin qindaa'anii qaceeffamaniiru

#### **4.1 Haala Deebii Kennitootaa**

Kutaa kana jalatti, haala odeeffanno karaa qorumsaa barreeffama, madaallii kitaaba barataa, af-gaaffii, fi marii gareexiyyeeffannaatiin ragaa Kennan qindeessuudhaan dhiyeessuuuf yaalameera. Deebii kennitoonni (respondents) yoo fudhannee barattootaa mana barumsaa Qopha'inaa Gooroo kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup>, barsiistootaa Afaan Oromoo barsiisaan fi itti gaaffatamaa mummee afaanii yoo ta'an dhiiraa 35 dubartii 50 waligaalaa 85 ragaaleen meeshaalee armaan olitti tuqamaniin funaname bifa armaan gadiitiin qacaaffame jira.

#### **4.1.1 Haala Saala Deebii Kennitootaa**

Haaluma gabaate 4.1 armaan gadii irratti ibsameetti deebii kennitootaa waligalatti saala isaaniitiin yoo ilaaltee dhiirri 35(41%) yoo ta'an dubartiin 50(59%) dha. Karaa biraatiin barsiistonni dhiiraa 1(2%) dubartiin 1(2%), barattoonni dhiiraa 32(37%) dubartiin 49(58%) yoo ta'an fi itti gaaffatama mummee immoo dhiirri 2(2%) dha. As irraa waan hubatamu lakkoofsi deebii kennitootaa barattootaa dubara lakkoofsa dhiiraa caale argame jira. garuu kan barsiistootaa fi itti gaaffatama mummee afaan lakkoofsi dhiiraa kan dubartii ni caalaa.

#### **4.1.2 Haala Umrii Deebii Kennitootaa**

Akkuma gabaate 4: lirratti ibsameetti deebii kennitootaa umrii isaaniitiin yoo ilaale umrii waggaa 15 hanga 19 kan jiran dhiirri 27(33.35) dubartiin 37(45.7) yoo ta'an , waggaa 20 hanga 24 kan jiran dhiiraa 10(12.3%) dubartii 7(8.4) yoo ta'an barsiistonni immoo, 25 hanga 29 kan jiran 3(3.44%) fi waggaa 30 hanga 34 nama 2(2.29%) dha. Kana irraa waan hubannuu irraa caalaan deebii kennitoota umrii dargaggummaa keessaa kan jiran ta'uu isaa ti. Sabani isaas lakkoofsi deebii kennitootaa keessaa harki caaluu barattoota waan ta'aniif.

#### **4.1.3 Haala Sadarkaa Barumsaa Deebii Kennitootaa**

Akkuma gabaatee 4.1 armaan gadii irratti muldhisameetti deebii kennitootaa yoo sadarka barumsaa isaaniitiin ilaale barattootaa kutaa 11<sup>ffaa</sup> dhiiraa 27(33.3%) dubartii 24(29.6%) fi 12<sup>ffaa</sup> dhiirri 10(12.3%) fi dubartii 20(24.6%) walitti qabaa 81(93.01%), barsiistoonni supparvayizara keessoo fi itti gaaffataman mummee digirii jalqaaba 4(4.59%) fi maastarii yookaan digirii lammaffaa 2(2.29) ta'uu isaa agarsiisa. Kana irraa waan hubatamu deebii kennitoota harki guddaan barattootaa. Gama biraatiin mana barumsaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> tiif sadarkaan barumsaa digirii 2<sup>ffaa</sup> ta'uusoo jiru deebii kennitootaa keessaa harka walakaa gadii qofatu ulaagaa ministeerii barnoota baase guuta.

#### 4.1.4 Deebii Kennitootaa Gosa Barnoota Ittiin Leenji'an

Deebii kennitoonni keessaa barsiistonni, supparvayizara keessoo fi itti gaaffatama mummee Afaan hundinu jechuun 6(100%) gosa barnoota Afaanitiinkan leenji'an ta'uu muldhisa. Kana irraa wanti hubatamu barsiistootas ta'e supparvizarii gosa barnoota afaaniin eebbiffamu isaanii odeeffannoo gabbata kennuu danda'a

Gabaatee 4.1: Odeeffannoo Waligalaa Deebii Kennitootaa /Respondents/

1.1 Saala			Namoota Odeeffannoo Kennaan(N=87) Saddeetamii Torbaa							
			Dhi	%	Dub	%	W/Q	%		
	Barsiistootaa		1	1.17	1	1.17	2	2.35		
	Barattootaa		32	37.64	49	57.64	81	95.29		
	I/g mummee		2	2.35	-	-	2	2.35		
	<b>Ida'ama</b>		<b>35</b>	<b>46.16</b>	<b>50</b>	<b>58.81</b>	<b>85</b>	<b>100</b>		
1.2 Umrii										
	16-20	Barataa	22	25.88	42	49.41	64	75.29		
	20-24		10	11.76	7	8.23	17	20		
	25-29	Barsiisaa	1	1.17	1	1.17	2	2.35		
	30-34		2	2.35	-	-	2	2.35		
	35 fi Oli		-							
	<b>Ida'ama</b>		<b>35</b>	<b>47.1</b>	<b>50</b>	<b>52.8</b>	<b>87</b>	<b>100</b>		
1.3 Sadarkaa Barumsaa										
	Kutaa	baratto ota	11	22	33.3	29	29.6	51	62.9	
			12	10	12.3	20	24.6	30	37.0	
	Dippiloma a	barsiis a		-	-	-	-	-	-	
			Digirii		2				2	
			Mastarii		1		1		2	

	<b>Ida'ama</b>	<b>35</b>	<b>47.1</b>	<b>50</b>	<b>52.8</b>	<b>87</b>	<b>100</b>
<b>1.4 Gosaa Barnoota Ittiin Leenji'ee(barsiistota, fi i/g mummee</b>							
	Afaan	3	75	1	25	4	100
	<b>Ida'ama</b>	<b>3</b>	<b>75</b>	<b>1</b>	<b>25</b>	<b>4</b>	<b>100</b>
<b>1.5 Tajaajila Waggaan</b>							
	<b>1-5</b>	-	-	-	-	-	
	<b>6-10</b>	-	-	-	-	-	
	<b>11-15</b>	1	25	1	25	2	50
	<b>16-20</b>	2	50	-	-	2	50
	<b>21-25</b>						
	<b>26 fi Oli</b>						
	<b>Ida'ama</b>	<b>3</b>	<b>75</b>	<b>1</b>	<b>25</b>	<b>4</b>	<b>100</b>

## **Madda: Qaceessaa Ragaa Funannaame**

### **4.1.5 Tajaajila deebii kennitootaa**

Akkuma gabaate armaan oli irratti ibsameetti barsiistoonni, supparvaayizarii keessoo fi itti gaaffataman mummee afaanii yoo turtii hojii irraa yookaan tajaajila isaanii ilaallee waggaa 11 hang 15 an tajaajilan 2(33.33%) yoo ta'an kan waggaa 16 hanga 20 immoo 4(66.66%) dha. Kun kan agaarsuu deebii kennitoonni muxannoo dheeraa kan qabanii fi odeeffannoo baldhaa fi gabbata ta'e kennu danda'uu.

### **4.2 Qaceessaa Kitaaba Afaan Oromoo ilaalchiisee**

Barumsa afaan keessatti barattoonni dandeetti afran jechuun dubbachuu, dhaggeeffachuu, barreessuu fi dubbisuu akka gonfatan kan godhuu dha. Kanaafuu, dandeetti barreessuu barattoonni akka cimsatan gochonni fi shakaalii adda addaa kitaaba barataa keessatti akka galu sirni barnootaa afaan godhe jira. kanaafuu gochonni, gilgaalonni, shakaalii barattootaaf kitaaba keessatti dhiyate umrii, fedhii, haala jireenyaa barattotaa wajjiin deemu isaa, kaayyoo ifaa qabachuu, qabiyyeen dura duuba eegee dhufuu isaa madaaluuf tajaajila. kanaaf,

kitaaba Afaan Oromoo kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> biffaa armaan gadiitiin qaceeffame jira.

## **.2.1 Qaceessaa Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup>**

Ilaalchisee gabatee qaaccessa kitaabaa ibsu miiltoo irratti ibsamee jira.

### **Kutaa 11<sup>ffaa</sup>**

Kitaabni Afaan Oromoo kutaa 11<sup>ffaa</sup> itti qopha'ee biffaa gaarii ta'uus hanqinaa adda addaa ni qaba. Issan keessaa hangafonni:

- ❖ Maalumaa, amalootaa, gosoota keeyyata boqonnaa-17<sup>ffaa</sup> irraa jira. keeyyata dura duuba eeganii barreessuun immoo boqonnaa -4<sup>ffaa</sup> irraa jira. kanaafuu, barattooni maalummaa, amalootaa fi gosaa isaa osoo hin beekiin akkamitti waa'ee keeyyata barreessuu danda'ama. Akkuma gabaate miiltoo irraa jiruutti keeyyata dura duuba eegan barreessuun dura maalummaa amaalootaa, gosoota keeyyata barachuu qabu. kanaafuu dura duuba qabiyyee eeguu irratti hanqina qaba.
- ❖ Inni biro immoo barattooni keeyyata barreessuu kan salphatuu waan beekaan irraa osoo ta'ee. Kana kan mirkaneessuu jechoota, gaalee, ciroo, himaa jechuun deemu qaba. Salphaa irraa gara walxaxxaatti, xiqqaa irraa gara guddaatti, waan beekaan irraa waan hin beeneetti mala barattoota ittin barsiisaan wal faleessuu hin qabu. kanaaf, kitaaba barattoota boqonnaa tokkooffaa keessaa hima ijo, callaa fi xumuraa jechuun dura hima salphaa, dachaa, walxaxa ijaaruun dhufu qaba.
- ❖ Muxxannoo jireenyaa isaan wajjiin deemu irraa jiraata. Barattooni duraan beekumsaa mana barumsa, naannoo, midiyaa fi hawaasa irraa argatan qaban. kanaafuu, keeyyata barreessuu irratti waan beekaan akka barreessan gochuun yaada sammuu isaan keessaa jiru salphummaatti barreeffaman ni ibsu.

- ❖ Walqabsiiftuu wajjiin walqabatee malee kan hafan jechuun seer-lugaa fi sirna tuqaalee walqabsiise wanti dhiyaate hin jiru. Barattoonni keeyyata yoo barreessan sirna tuqaalee seera isaa eeganii itti fayyadama hin jiran kuni kan ta'eef osoo wa'ee barreeffama dhiyaatu walitti hidhuun sirna tuqaalee wajjiin dhiyaate gaarii ta'a.
- ❖ yeroo keeyyata barsiisuu qamoota keeyyata fi caasaa keeyyata wal duukaa dhufanii salphumaatti addaan baasuu waan danda'aniif salphumaatti keeyyata qindomina qabu ni barreessuu.
- ❖ kitaabni kutaa 11ffaa qopha'ee dandeetti, fedhii, umrii fi haala jireenyaa barattootaa jiddu galeessaa godhachuu qaba. kana irraatti kitaabni kun hanqina qaba.

## **Kutaa 12<sup>ffaa</sup>** ilaalchisee immoo

- ❖ Kitaabni Afaan Oomoo kan barataa kutaa 12<sup>ffaa</sup> keessaatti boqonnaa 15<sup>ffaa</sup> jalqabaa boqonnaa irratti dhufuu qaba. Sababni isaas maalummaa, amalootaa fi goosota keeyyata barattoonni erga addaan baafataniin booda akkamiin akka barreessan barachuu fi shaakaaluu qabu.
- ❖ Keeyyatni ijaaruun boqonnaa tokkoo, sadii, saddeetti, kudhan,kudha shani fi kudha jahaa keessaa jira. Kanaaf, boqonnaa 15<sup>ffaa</sup>tti aane boqonnaa 5<sup>ffaa</sup> wa'ee gumee barreessuu osoo dhufee salphumaatti barreessuu ni danda'u.
- ❖ Keeyyata ijaaruu fi barreessuu keessaatti sirna tuqaalee fi walqabsiiftu malee kan hafan jechuun seer-lugaa wajjiin wanni walqabate hin jiru. kanaafuu, yommuu keeyyata ijaaruu fi barreessuu shaakkala kennamu seer-lugaa wajjiin qindominaan kennamee akka gaariitti keeyyata ni ijaaru.
- ❖ Shaakaalli barattootaa kennamu haala jireenyaa barattootaa, umrii fi fedhii isaanii wajjiin walqabachuun isaa barumsaa qabaatama godha.

- ❖ Qubee guddeessun keeyyata barreessu wajjiin qindominaan dhiyaachuu irratti hanqinaa qaba.
- ❖ Barattoonni qindominaa keeyyata eeganii akka barreessan gochuuf dursi caasaanfi qamoota keeyyata barsiisuu yookiin dhiyaachu qaba.

#### **4.2.2 Qacceessaa Qorumsaa Keeyyata Barreessuu**

Barattootni kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> erga filatamaniin booda mata duree tokko kennuunkeeyyata akka barreessan godhame jira. barattoonni keeyyata isaan barreessaan keessatti rakkina hedduu muldhate jira.

A. Caasaa keeyyata addaan baasuun ulaagaa keeyyata guutan barreessuu dhabuun isaa tokko. Innis hima ijoo, caallaa, fi xumuraa addaan baasuu dhabuu ti . Fakkeenyaaf,

*"faalama Qilleensa Jechuun haalota Jijirama Qilleensa irraa dhufuu dandau dha. faalama qilleensaa wantoonni fiduu danda'e naannoo tokkorraa warshaalee. keessa bahuu, ballaffa adda adda ti biqiloota dhabate namoni fayida dhufati Jecha muruun faalan Qilleensi irratti wantoota gurgurda irraa galu ka'akka kaarbooyxde oxgen, Qilleensa marrama kannen fa'a dha faalama Qilleensa wanoota Qilleensa jijjirama kana irra ka'u wanoota adda adda irratti rakko gurguddoo irraan ga'u kana malees faalamni Qilleensa lubbu namota bineeladoota beensoota irratti rakkoo gesessuf ga'e guddaa qaba."*

B. Amalii keeyyanni guutuu qabu tokkoo qindomina qabaachuu dha. kanaaf, keeyyanni barattoonni barreessaan qindomina hin qabu. qindomina yommuu jedhamu tokkummaa, walta'iinsa xiyyeeffanna fi guutuu ta'u yaada barreessan saa ti. Fakkeenya armaan olitti kenname sana irraa hubachuun ni danda'ama.

C. sirna tuqaaalee fi seer-lugaa sirnaan itti fayyadamu dhabuun keeyyata barattoonni barreessan keessatti ni muldhata. sirna tuqaa bakka barbachisaa ta'eetti ka'uun barbaachisaa dha. fakkeenyaaf, hima jalqabame yoo xumurame tuqaa keenyaa kun yoo ta'uu keeyyata barataan tokko armaan oli keessatti arguun ni danda'ma.

D. Walqbsiiftuu fi qubee guddaa sirnaan fayyadamuu irratti rakkinatu jira. qubee guddaan yoom akka galuu fi maaliif akka galuu barattootni lakkoofsi isaanii xiqqaa hin taneetu barreeffama isanii keessatti muldhata. Fakkeenyaaf,

*"faalamni qilleensa rakko addunya tana yaaddessan isa tokko.*

*faalamni qilleensa sababota adda addaatiin dhufu danda'a isaanis:-*

*-Aara warshaalee kessaa bahan*

*-Xura'aa/kosii nnoo mana jireenyaatti gatuu*

*-Aara konoklaata kessaa bahaan fa'a*

*Haata'umalee falama qilleensaa kana hirisuuf qondaltoonni mootummoota addunya..."*

Walumagalatti barattoonni yaada sammuu isaanii keessaa jiru qindeessan seeraan keeyyata barreessuu irratti qaamota keeyyata hunda akkasumas sirna tuqaaalee, qubee guddeessuu fi walqabsiiftu fayyadamu irratti akkasumas qindoomina keeyyata(yaada) irratti rakkoon ni jira.

### 4.2.3 Qaceessaa Keeyyata Yommuu Barreessan Akakuu Dogongora Uumaan

Barattootaaf mata duree tokko akka keeyyata tokko sarara torba hanga kudhan akka barreessaiif ulaagaa kan akka hima ijoo, caallaa, fi xumuraa akkasumas qindominaa isaa eeganii fi sirna tuqaalee fi gochuun dogongora isaan uumaan seer- lugaa akka eegan barreessan godhame jira. kanaaf, bu'aan isaanii tokkoon tokkoon dogongora uumaan lakkawaame cuunfame dhiyaaate jira.

**Gabaate 4.4 barattoonni keeyyata yeroo barreessaan  
dogongoraa uuman**

T.L	Hanqina kitaaba Afaan Oromoo keeyyata barsiisuu irratti qabu.	N=8 1	M	S.D	% Dhaan				
					11-20	21-30	31-40	41-50	>51
1	<b>Qaamota Keeyyataa Keeyyataa Barreessuu</b>	<b>80</b>							
1.1	Hima ijoo barreessuu irratti dogongora uumuu		<b>2.8</b>	<b>0.9</b>	<b>4.9</b>	<b>33.3</b>	<b>37.0</b>	<b>17.5</b>	<b>6.3</b>
1.2	Himaoota calla barreessuu irratti dogongoraa uumuu		<b>2.8</b>	<b>0.7</b>	<b>1.2</b>	<b>33.3</b>	<b>48.1</b>	<b>16.0</b>	<b>1.2</b>
1.3	Hima gudunfaa barreessuu irratti dogongora uumuu		<b>2.7</b>	<b>0.6</b>	-	<b>33.3</b>	<b>56.8</b>	<b>9.9</b>	-

2	<b>Qindoominaa Keeyyaataa Barreessuu</b>	<b>81</b>							
2.1	Tokkummaa qabaachuu/unity/		<b>2.</b> <b>8</b>	<b>1.</b> <b>0</b>	<b>11.</b> <b>1</b>	<b>22.</b> <b>2</b>	<b>37.</b> <b>0</b>	<b>23.</b> <b>5</b>	<b>4.9</b>
2.2	Walfudhatinsaa ( coherence )		<b>2.</b> <b>8</b>	<b>0.</b> <b>9</b>	<b>3.7</b> <b>6</b>	<b>34.</b> <b>6</b>	<b>37.</b> <b>0</b>	<b>18.</b> <b>5</b>	<b>6.2</b>
2.3	Xiyyeeffannaa		<b>3.</b> <b>2</b>	<b>4.</b> <b>8</b>	<b>11.</b> <b>1</b>	<b>29.</b> <b>6</b>	<b>35.</b> <b>8</b>	<b>17.</b> <b>3</b>	<b>4.9</b>
2.4	Walata'insaa/ consistency/		<b>3.</b> <b>0</b>	<b>1.</b> <b>0</b>	<b>4.9</b> <b>4</b>	<b>28.</b> <b>4</b>	<b>37.</b> <b>0</b>	<b>17.</b> <b>3</b>	<b>12.</b> <b>3</b>
3	<b>Sirna Tuqaalee fi Seer- Lugaa Itti Fayyadamuu</b>	<b>81</b>							
3.1	Qubee guddaa seeraan fayyadamuu		<b>2.</b> <b>9</b>	<b>1.</b> <b>1</b>	<b>13.</b> <b>6</b>	<b>16.</b> <b>0</b>	<b>39.</b> <b>5</b>	<b>19.</b> <b>8</b>	<b>11.</b> <b>1</b>
3.2	Sirna tuqaalee seeraan itti fayyadamuu		<b>2.</b> <b>9</b>	<b>0.</b> <b>9</b>	<b>6.2</b> <b>6</b>	<b>21.</b> <b>0</b>	<b>50.</b> <b>6</b>	<b>17.</b> <b>3</b>	<b>4.9</b>
3.3	Itti fayyadamaa seer- lugaa eeguu		<b>2.</b> <b>9</b>	<b>0.</b> <b>9</b>	<b>7.4</b> <b>6</b>	<b>23.</b> <b>5</b>	<b>39.</b> <b>5</b>	<b>24.</b> <b>7</b>	<b>4.9</b>

### **Madda: Qaaccessa Qormaata Bartootaa Jiddu Galeessaan**

#### **Funaanname**

Gabaatee 4.2.3 armaan olii irratti gaaffii lakkoofsa"1.1" irratti akkuma ibsameetti barattooni keeyyata barreessuu irratti dogongora uumaan keessaa tokko qaamoota keeyyata bareessuu ilaalchisee barattoota qorumsa fudhatan keessaa hima ijo barreessuu irratti 11-12(4.9%), 21-30(33.3%), 41-50(17.5), >50(6.3%) dogongoraa kan uumaan ta'u isaa ti. Kanaaf, barattooni yommuu keeyyata barreessaan hima ijoo barreessuu yaada addaan baasani barreessuu irratti hanqina akka jiru ragaa kana irraa hubanna. himni ijoo wa'ee dhimmaa tokko ta'ee handhuraa barreeffamichaa ti.

Gabaate 4.2.3 armaan olii irratti lakkoofsa"1.2" irratti akkuma ibsameetti barattootni hima caallaa barreessuu ilaalchisee barattoota qorumsa fudhatan keessaa hima caallaa barreessuu irratti 11-20(1.2%), 21-30(33.3%),31-40(48.1%), 41-50(16%) fi >50(1.2%) dogongoraa kan uumaan ta'uu isaa ti. Raga kana irraa wanti hubannuu hima caalla barreessuu irratti jechuu raga adda addaakennuun, fakkeenyaan, ibsuun addeessuun, waldoromsisuun, akkasumaswalfakkeessuun hima ijo addeessu irratti barattoonni lakkoofs isaanii xiqqaa hin taanee dogongora kan uumaan ta'u hubanna.

Gabaate 4.2.3 armaan olii irratti lakkoofsa"1.3" irratti akkuma ibsameetti barattootni hima gudunfaa barreesuu ilaalchisee barattotaa qorumsa fudhatan keessaa hima gudunfaa barreessuu irratti 21-30(33.3%), 31-40(56.8%),41-50(9.9%) dogongoraa kan uumaan ta'uu isaa ti. Raga kana irraa waan hubatamu yaadota baldhinaan ibsamee walitti qabuun cuunfame kan barreeffamu waan ta'eef barattoonni lakkoofsi xiqqaa hin taane ni dogongoran. kun immoo yaada isaan walitti qabaachuu yookiin qindeessuu irratti rakkinaatu jira.

Gabaate 4.2.3 armaan olii irrattilakkoofsa"2.1" irratti akkuma ibsameetti qindominaa keeyyata eeganii barreessuu (tokkummaa) iraatti barattootaa qorumsaa fudhatan keessaa 11-20(11.7%), 21-30(22.2%), 31-40(37%), 41-50(23.5%) fi>51(4.9%) dogongoraa kan uumaan ta'uu isaa ti. Wanti asirraa hubatamu keeyyata yoo barreessinu gubbaa jalqabee wa'ee dhimma tokkoo qofa dubbachuu yookiin ibsuu qaba.Barattoonni garuu yaada jalqaban dhiisaan yaadota adda addaa walitti makuun barreessuu kanaafuu tokkummaa keeyyata eeguu irratti hanqinaatu muldhata.

Gabaate 4.2.3 armaan olii irrattilakkoofsa "2.2" irratti akkuma ibsameetti qindominaa keeyyata keessaa tokkoo wal gahumsa (coherence) irratti barattooni qorumsaa fudhatan keessaa 11-20(3.7%), 21-30(34.6%), 31-40(37%), 41-50(18.5%) fi >51(6.2%) dogongoraa kan uumaan ta'uu isaa ti. Namni keeyyata barreessuu osoo hin barreessin dura maal akka barreessuu, eenyuuf fi akkamitti akka barreessuun murteessun barbaachisaa dha. Erga murteessen booda osoo hin dheeresan yookiin osoo hin gabaabsini barreessuu akka qabu fi haala dubbistootaa ilaalchaa keessaa galchuun barbaachisa dha. Raga kana irraa kan hubannuu gahumsa keeyyata barattotaa yoo ilaale keeyyata isaan barreessan qindeessuu irratti rakkoo jirachuu agaarsiisaa.

Gabaate 4.2.3 armaan olii irrattilakkoofsa "2.3" irratti akkuma ibsameetti qindominaa keeyyata keessaa tokko xiyyeeffanna yoo ta'uu barattootaa qorumsa fudhatan keessaa 11-20(11.1%), 21-30 (29.6%), 31-40(35.8%), 41-50(17.3%), fi >51(4.9%) dogongora kan uumaan ta'uu isaa ti. Raga kana irraa kan hubatamuu keeyyata namni/barataan / barreessuu waan barreeffamu saala, umrii sadrkaa barumsaa fi fedhii nama dubbisuu sana ilaalchaa keessaa galchuun yaada isaa ifaan barreessuu waan ta'eef xiyyeeffanna kennu irratti hanqinni ni jira.

Gabaate 4.2.3 armaan olii irrattilakkoofsa "2.4" irratti akkuma ibsameetti qindominaa keeyyata keessaa tokko walta'insaa (consistency) yoo ta'uu barattotaa qorumsa fudhatan keessaa 11-20(28.4%), 21-30(4.9%), 31-40(37.0%), 41-50(17.3%), fi >51(12.3%) dogongora kan uuman ta'uu isaa ti. Akkuma raga kenname irraa hubanutti yaadni barreeffama tokko kan biro irratti ijaarama deemuun dura dubaa isaa eeguun barreessuu gaaffata. Haa ta'u malee ammas walta'insa yaadota keeyyata tokko keessatti barreeffamu hanqinni jiraachuu agarsiisa.

Gabaate 4.2.3 armaan olii irratti lakkoofsa"3.1" irratti akkuma ibsameetti itti fayyadama sirna tuqaalee keessaa tokko qubee guddaa dha. Barattotaa qorumsaa fudhatan keessaa qubee guddaa barreessuu irratti 11-20(13.6%), 21-30(16.0%), 31-40(39.5%), 41-50(19.8%) fi >50(11.1%) dogongora kan uumaan ta'uu isaa ti. Raga kana irraa wanti hubatamu barattootni keeyyata yommuu barreessan qubee guddaaf xiyyeeffanna kennu irratti hanqinni ni jira.

Gabaate 4.2.3 armaan olii irrattilakkoofsa"3.2" irratti akkuma ibsameetti sirna tuqaalee sirnaan itti fayyadamuu ilaalchisee barattotaa qorumsaa fudhatan keessaa 11-20(11.7%), 21-30(22.2%), 31-40(37%), 41-50(23.5%) fi >50(4.9%) dogongora kan uumaan ta'uu isaa ti. Asirraa wanti hubatamuu sirna tuqaalee seera fi bakka barbaachisuutti filatan itti fayyadamuu irratti hanqinni akka jiru ni muldhisa.

Gabaate 4.2.3 armaan olii irratti lakkoofsa"3.3" irratti akkuma ibsameetti seer-lugaa sirna isaa eeganii fayyadamuu irratti ilaalchisee barattotaa qorumsaa fudhatan keessaa 11-20(7.4%), 21-30(23.5%), 31-40(39.5%), 41-50(24.7%) fi >50(4.9%) dogongora kan uumaan ta'uu isaa ti. Raga kana irraa wanti hubatamu seer-lugaa eeganii barreessuun barbaachisaa ta'uu isaa ni hubachisaa haala raga kanaatiin dogongorri seer-lugaa itti fayyadamuu irratti uumama jiru guddaa ta'uu isaa ni muldhisa

### **4.3 Qaceessaa Ragaalee Af-gaaffii**

#### **1. Adeemsaa barsiisuu Afaan Oromoo keeyyata barreessuu**

**ilaalchisee barattootaa keessan shaakalsiisa jiru? Eeyyee\_\_\_\_\_**

**Lakk\_\_\_\_\_**

Dhiyeessaa ragaalee fi qaccessaa af-gaaffii kana keessatti barsiistoota Afaan Oromoo barsiisaan lama, fi itti gaaffatamaa mumme lama irraa adeemsaa keeyyata barreessuu barsiisuun shakaalsiisuu isaanii, hammam akka shakkalchiisaan, rakkoo isaanii mudaate, kitaabni barataa hagam akka isaanii gargaaree fi rakkoo isaanii mudaate kanaaf furmaata isaanii kennan tartiibaan ibsamaniiru.

Akka deebii kennitootaa af-gaaffii kanaatti hundu mata mata isaaniitiin toofta addaa addaa kan fayyadaman ta'uu, barattootaa keenyaa Afaan Oromoo yoo barsiifnu mata duree keeyyata barreessuu jedhu jalaatti barattooa keenyaa ni shakaalchiisna jedhanii deebii kennani jiru. garuu tooftan isaanii itti fayyadaman barattoonni mata duree tokkoo filachuun, kitaaba barataa keessaa filuun, akkasumas barsiisaan dhunfaa yookiin gareen bifa hojii manatiin, hojii dareetiin akkasumas hojii gareetiin akka barreessan ni shakaalsiina jechuun deebii kennaniiru. Yaada isaanii armaan olitti Kennan irraa kan hubatamu barattootaa isaanii akka keeyyata barreessuushakaalan godhu. Shaakaluun barattoota akka muxxannoo yookiin ogummaa barreessuu akka gabbiffatan godha

## **1.2. Eeyyee yoo jettan hagam dha?**

### **1. Yeroo baay'ee \_\_\_\_\_ Darbedarbe \_\_\_\_\_ yeroo muraasaa \_\_\_\_\_**

Rakkoon isiin mudate hanga amma maalii?

Akka deebii kennaa "A" fi "C" tti barattootaa keeyyata barreessuu kan shakaalchisnu darbe darbeetti kan jedhu yoo ta'uu deebii kennitonni "D"fi "F" yeroo muraasa ni shakkalchisna yoo jedhan "D" immoo haaluma mijaa'etti jechuun deebii kenne jira. Barattootaa keeyyata barreessuu barsiisuu sirrittiakka hin deemne keessaa hangaffonni wayitiin barnootaa kanaaf kenname xiqqaachuu, barattoonni xiyyeeffanna itti

kennuu dhabuu, walii ilaalanii dogongora sirreessuuuf fedhii dhabuun akka hanqinaatti kan ka'uu dha.

### **3. Rakkoon isiin mudaate hanga amma maalii?**

Akka deebii kennaa "A" fi "B" tti rakkoon nu qunname keessaa guddaan xiqqaachuu wayitii barnoota gosa barnoota kana kennameef, umrii fi fedhii barattoota walsimsiisuu dhabuu, yeroo dabaree ala barattoota barsiisuuf waaman hafuu, walisirreessuu dhabuu, hojii kennameef hojjachuu dhabuun, nu fayyadaa jedhanii yaadu dhabuu, tooftaa fi tartiibaa ittiin barreessan beekuu dhabuu fi wa'ee mata duree kennameef yookiin filatanii gadii fageenyaan beekuu dhabuu akka rakootti hubanne jira jechuun deebisani jiru.

Akka odeeffannoo kennitootaatti hundinu isaanii yaada irratti waligalan qabu. Innis wayitiin gosa barnoota kanaaf kenname xiqqaa ta'uu isaa ibsani jiru. Yaada kana irraa kan hubatamu qabiyyeen kitaaba kanaa haguuguuf kan dandeessuu ta'uu dhabu isaa agarsiisa. Dabalatan immoo, akka rakkinaatti wantootni ka'an fedhii barreessuu dhabu, wa'ee aan barreessanii beekuu dhabu, toofta ittiin barreessan beekuu dhabu, sirriitti seera caas-luugaa fi sirna tuqaalee beekuu dhabu, umrii fedhii fi muxxannoo barattoota waliin walsimuu dhabuu fi dogongora wali sirreessuu dhabuu akka rakkinoota isaanii qunamaa turee dha.

### **2. Kitaabni keessan haga amma isiin gargaare jira?**

Akka odeeffannoo kennatti A tti kitaabni barataa kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> keeyyata barreessuu irratti mata duree adda addaa qabatullee hanqina mata isaa qaba. Barattoota kan ofitti harkisuuf muxannoo barattoota jddu galeessaa godhachuu qaba jechuun yaada isaa kennani jiru.

Akka deebii kennaa Btti kitaabni kutaa lamaan haalli itti qopha'ee gaarii ta'ee qabiyyeen isaa baldhaa dha. Kanaaf, qabiyyee haguuguuf shakaalaa fi xiyyeeffanna kennameef xiqqaa dha.

Akka odeeffannoo kennaa "C" fi "E" tti kitaabonni kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> haala ciminaa isaanittin hin teenye jechuun salphaa irraa gara alxaxxaatti (from simple to complex) dhufuu qaba. Garuu amma wal keessaa makame dhufee jira. Akka deebii kenna kanaatti yeroon kennameef kitaabni waan wal hinsimneef wayitiin dabalamu qaba kaaan alaatti kitaabni gaarii dha jechuun deebisanii jiru.

Akka odeeffannoo kennaa A, D fi F tti kitaabonni barattootaa kan ta'uu qabu muxxannoo jireenyaa barattootaa, umrii fi fedhii isaanii waliin deeme gaarii ta'a. Kanaafis barsiisaanis gahee isaa akka taphatu karaa saquu qaba. Qabiyyee /mata duree kennuu dhiise kana barataan filatamuyookiin kan isaan beekaan osoo ta'uu caalaatti gaarii ta'a.

Waluma galatti, kitaabni barataa kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> akka odeeffannoo kennitootaa armaan olitti baldhinni qabiyyee kitaaba yeroo kenname gosa barnootaa kanaaf ramadame gahaa miti. Kanaaf, yeroo dabalata kennameef irra deddebi'ame shaakalamuu qaba. Inni biraa qabiyyee keeyyata barreessuu kanaaf mata duree kennamu muxxannoo jireenyaa barattoota wajjiin deemuu yookiin jidduu galeessa godhate, umrii fi fedhii isaanii waliin deeman hammattuu qaba.

### **3. Rakkoof yaada furmaata isiin qabdan maalii?**

Barattoota yommuu keeyyata barreesuu barsiifnu rakkinoota adda addaatu nu mudaatu. Rakkinoota kana immoo caalsine hin ilaaluu. Kanaaf, furmaata kan jenne yaadnu lafa ka'aa yokiin furaa deemna.

Akka odeeffannoo kennitootaa "A", "B", "C", fi "D" tti rakkina barreesuu kana furuudhaaf fuul duraaf godhamu Kan qabu baratoota kakkasuu, fedhi itti horuu, dabaree isaanii ala barattootaa waaman barsiisuu , haala irraa jala (simple to complex) qabiyyee kitaaba sirreessanii barsiisuu, mata duree filatani kennuun barbaachisaa dha jechuun yaada isaanii xumurani jiru.

Akka odeeffannoo "E" fi "F" yaada isaanii kennanitti rakkina barsiissuu irratti qunname kanaaf furmaata kan jedhan wayitiin barnootaa Afaan Oromootiif kenname dabalammuu , Baratoonnis irraa deddebi'ani shakaaluu qabu, fedhii barreessuu baratoota keessatti wantoota uumu danda'an fayyadamuu, sirna tuaalee ,qubee guddaa fi caasa seer-lugaa qindominaan barsiisuun gaarii dha jedheen yaada jechuun yaada isaani xumuran.

Yaada armaan olitti odeeffannoo kennitoota kana irraa akka hubatamuutti keeyyata qindoomina qabu barreessuu barattootaaf kan godhamu duraan dursine mata duree muxxannoo jireenyaa, fedhii fi umrii barattootaa wajjiin deeman filachuu dha. Kun kanbarbaachiseef waa'ee mata duree sana sirritti beekaan akka barreessaniif gargaara. Inni biraa immoo barattootaa yoo barreessuu keeyyata barsiisfuu salphaa irraa gara walxaxxaatti deemuu qabna.

Karaa biraatiin barattoonni fedhii isaanii akka guddatu yookiin jajjabatuu akka walii sirreessan fi duub deebii barsiisaan kennuuf qaba.Dabalataan barsiisaan yoo barreessuu keeyyata barsiisuu sirna tuqaalee, qubee guddeessaa, caasaa seer-lugaa wajjiin walitti qindeesse barsiisuun keeyyaticha barattoonni barreessan qindommina fi yaadni isaa walfudhachuun yaa'insa yaada gaarii akka qabaatu godha. Dhuma irratti, kitaabonni kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> kun haala irraa jalaatiin qopha'ee dhufuu akka qabu hubachuun ni danda'ama.

#### **4.4 QaceeaassaMarii Garee Xiyyeeffannoon funaaname**

##### **1. Barattootni dandeettii barreessuu keeyyata qindoomina qabu akka hin gabbifanneef rakkoolee ta'an maal fa'a jettan?**

Akka odeeffannoo kennaa A miseena marii kanaatti barattoonni keeyyata qidoomina qabu barreessuu akka gonfatan kan guufuu itti ta'e tokkoffaa, barattoonni fedhii horachuu dhabu, barsiisaan yeroo gahaa kenne shakaalchisuu dhabuu, waan barattooni barreessaan duub-deebii kennuuf dhabu, akka waan barreessan walii sirreessan godhuun rakko muldhatan jedheen yaada.

Odeeffannoonkennan "A", "B", "C"tti deebii saanii kennaan barattootni ogummaa keeyyata barreessuu akka hin gabbiffane kan godhan keessaa muraasni kakka'umsa fedhii barreessuu xiqqachu, na fayyada jedhanii yaadu dhabuu, waan barreeffamuu sirriitti beekuu dhabu, akkamitti akka barreeffamu beekuu dhabu, afaan ittiin barreeffamu sirritti beekuu dhabu, waan barreessan sana irratti xiyyeeffanna kennuu dhabuuti jedheen yaada isaanii kennani jiru .

Akka odeeffannoo kennitoota "D", "E" fi "F" tti barattoonni keeyyata qidomina qabu barreessuu dhabu sababa hedduutu jira. Barattoonni waan barreessan sana jireenyaa isaan waliin walqabaatu dhabuu, fedhii fi umrii isaanii wajjiin deemu dhabu, toofta ittin barreessan beekuu dhabu, yeroo dhabuu, kitaabilee akka ragaatti itti fayyadaman dhabun akka rakkootti ka'uu ni danda'a.

Akkuma yaada deebii kennitoota armaan olii hubatamuutti barattootni keeyyata qindomina qabu barreessuu dhabuu isaan akka rakkoo guddatan kan ibsan duran dursanii waan barreeffaamuu ( mata-duree barreeffama), ragaa waan barreeffamu sana irratti qabachuu dhabuu, toofta ittiin barreessan beekuu dhabuu akka rakkoo ijootti kaasani jiru.

Dabalatanis wanti barreeffamu (mata durichi) haala jireenyaa yookiin muxxannoo qaban waliin kan deemu, fedhii fi umrii barattootaa wajjiin deemuu dhabuun gufuu lamataatti. Dabalatan, yoo kan barreessanis ta'ee duub-deebii barsiisaa irraa hin arganne ta'e fedhii barreessuu isaanii laafaa dhufa. Gama biraatinis walsirreessuu irratti fedhii dhabu.

## ***2. Qophii kitaaba Afaan Oromoo Gophaa'inaa irratti keeyyata barreessuu illachisee hanqinni jira? Yoo jiraate maal fa'a?***

Akka odeeffannoo kennitoota "A", "B", "C" fi "D"tti kitaabni barataa kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> hanqina mata isaa qaba. Hamman kitaabilee kana ilaaleetti barumsi tokko kan kennamu akkuma salphaa irraa gara cimaatti kennamutti qabiyyeen kitaabichaa wali keessaa makamee jira. Kan biraa akka hanqiaatti kan yaaduu osoo sirna tuqaalee wajjiin walqabsiise dhiyeesse, gilgaalatti kan kenname muxxannoo, fedhii fi umrii barattootaa waliin wali hinsimu, osoo seer-lugaa wajjiin walqabsiifame dhiyaate , dogongoraa barattoonni uumaan ofummaa isaaniittin akka walsirreesan godhanii gaarii ta'a jechuun deebii isaanii kennan jiru.

Akka odeeffannoo "D", "E", "F"tti kenname kitaabni afaan oromoo haala gaariin dhiyaate garuu barattoota hundaa akka sadarkaan afaan itti beekkan akka tokkoota'eetti fudhate. Dandeetti barattootaa jiddu galeessa godhachuu qaba jedhanii deebii kennani jiru.

Akkuma deebii kennitootaa armaan olirraa hubatamutti kitaabi Afaan Oromoo kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> irraa caalaan isaanii hanqina qabu yommu ibsanii tartiibaa isaa kan hin eegne ta'uu, muxannoo jireenyaa, fedhii fi umrii barattootaa wajjiin walsimu dhabuu kun akka hanqinaatti ibsu. Dhumairratti yommuu wa'ee keeyyata barreessuu dhiyeessuu sirna tuqaalee, seer-luga fi sirna tuqaalee wajjiin qindominaan dhiyaate rakkina furuu danda'a.

### **3. Barattoonni keeyyata yoo barreessan dogongora isaan uumaan ibsa?**

Akka odeeffannoo kennaa "A", "C", "E", fi "F" tti barattoonni yoo keeyyata barreessan dognora heddutu muldhata mee akkahangafoota: Tokkooffaa keeyyata yoo barreessan hima ijoo irraa deddebi'uun barreessuu akka fakeenyaatti keeyyata tokkoo keessatti jalqaba , jiddu fi dhuma irratti ni barreessuu. Garuu inni dhufuu kan qabu iddoo sadeen keessaa tokko qofa irratti. Lammaffaa immoohima calla barreessuu irratti keeyyatni tokko wa'ee yaada tokko qofa ibsaa garuu isaan yaada adda addaa walitti makuun qindomina dhabsiisuu. Kanaaf, qindomina hin qabu. dhumaa irratti barattootni keeyyata yoo barreessan dogongora itti fayyadama sirna tuqaalee, qubee guddessuu fa'a dha jedhan deebii kennan jiru.

Akka odeeffannoo kennitoota "B" fi "D" tti barattoonni keeyyata yoommuu barreessan dogongora kan itti uuman keessaa hangfooni: yaada barreeffamni isaanii wa'ee waan tokkoo (tokkummaa), yaa'insaa yaada yookaan tartiibaa dhufiinsaa isaa (walta'insaa ) fi xiyyeeffatummaa irraatti dogongora yoo uuman muldhata

## **BOQONNAA SHAN**

### **GUDUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATA**

Waraqaan qorannoo kana keessatti boqonnaa shan kan dhumaa ti. Qabxii ijoo boqonnaa kana cuunfaa qorannoo, argannoo fi yaada furmaata hammatee jira. Kanaafuu, tokko tokkoon haala armaan gadii dhiyaate jira

#### **5.1 Cuunfaa**

keeyyata barreessuun damee afaani keessaa tokko ta'e ogummaa baay'ee barbaachisaa ta'ee fi karaalee adda addaatiin barattoonni dandeetti isaanii akka guddiffatan godha. kuni guddinaa egree barattootaaf carraa gaarii uuma. Akkuma kanaan dura ibsameettikaayyoo guddaan qorannoo kana Qaaccessa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota

naannoo Oromiyaa bulchiinsa magaalaa Adaamaa Mana Barumsa Qophaa'ina Gooroo ti.

Qorataan mala akkamataa fi hammataatti waliin makamuun dhimma itti bahee jira. Caaseeffamani qorannoo kana mala addeessaa(decriptive survey) fayyadamuun qorannoo isaa gaggeese jira. mala iddootonni ittiin filatame mala kayyeffanna ( purposive sampling)fi mala carraa tasaa( simple random sampling) dhimma itti bahuun barsiistoot fi itti gaaffatamaa mummee afaanii akkasumas barattoota akka iddootti fiatamani jiru. Barattootaaf mala carraa tasatiin Dhiira 32 fi Dubartii 49 walitti qabaa 81 yoo filamani barsiistootaafi itti gaafatama mummee mala kayyeffanaan Dhi 3 fi Dub 1 walitti qabaa 4 filatamaniiru. Ragaan kan walitti qabamee madda raga tokkooffaa fi lammaffaa irraay. Madda raga tokkooffaa barattoota fi barsiistoota irraay. Maddii raga 2<sup>ffaa</sup> immoo qorumsa barreeffama afaan Oromoo kennuun bu'a qorumsaa itti fayyadame jira.

Mana Barnoota qopha'ina gooroo Bulchiinsaa Magalaa Adaamaa keessaaatti argamu irratti sababoota keeyyata qindomina qabu barreessuu irratti rakkoo ta'an, qophii kitaaba afaan oromoo kutaa 11<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> fi dogongoraa barattoonni keeyyata barreessuu qaban qua'achuun adeemsa isaa bifa barreeffaman kaawwame jira. Qorannichi Kan hammatu: Barattootni dandeettii barreessuu keeyyata qindoomina qabu akka hin gabbifanneef rakkooleeta'an addaan baasuuf, Qophii kitaaba Afaan Oromoo Qophaa'inaa irratti keeyyata barreessuu illachisee hanqinoota mul'atan addaan baasuu fibarattoonni keeyyata yoo barreessan dogongora isaan uumaan ibsuuf. haaluuma kanaan ragaan cuufame akka armaan gadiitti ta'eera.

1. Sababoota keeyyata qindomina qabu barreessuu dhabuu ilaalchisee haalumaa qorannoo gaggeeffameen barattootni keeyyata qindominaa

qabuu barreessuu irratti hanqinnonni muldhatanmuxannoo jireenyaan walqabsiifame waan beekaan, hubatan fi ilaalaan wajjiin wal simu dhabu, keeyyatni barattoonni barreessan qindominaa qabaachu dhabu: tokkummaa, walta'insaa, xiyyeeffannaa fi guutummaa isaa eeguu dhabuun akka sababaa guddaatti ka'a. Dabalatanis hima ijoo. caallaa fi xumuraa seeraa isaa eeganii barreessuu irratti dogongora uumani jiru. kana males, sirna tuqaalee, qubee guddisuu fi seer-lugaa eeganii barreessuu irratti hanqinaa barattoota irratti muldhatani dha. kanaafis barsiistoonni barattootaa deggaruu irraatti gahaa miti.

2. Hanqinaa kitaabaa Afaan Oromoo keeyyata barsiisuu irratti qabu ilaalchisee haaluma qorannoo godhameen kitaabni barattootaa keeyyata barreessuu irratti gochoota gahaa ta'e qabaachuu irratti kan hafuu ta'uu isaa,muxxannoo barattootaa itti fayyadamuu irratti ,gochalee kitaaba barataa keessaa jiru gaggababoo ta'uu , fi fedhii fi umrii barattoota jiddu galeessaa godhachuu dhabuu akka rakkinaatti ka'ee jira.

3. barattoonni keeyyata yoo barreessan dogongora isaan uumaan heddu ta'ulle gurguddoon:, sirna tuqaalee, qubee guddisuu fi seer-lugaa eeganii barreessuu irratti hanqinaa barattoota irratti muldhatani dha. qindominaa keeyyata eeguu irratti akkasumas caasaa keeyyata guutaan barreessuu irratti hanqinatu muldhata.

## **5.2 ARGANNOO**

Haalumaodeeffannooqacceeffame irraa argannoon armaan gadii

ibsuun ni danda'ama

1. Barattoonni mana barumsa qopha'ina Gooroo rakkoo yaada isaanii qindeessanii barreessuu dhabuu,Qaamotaa keeyyataa jechuun hima ijoo, caallaa fi gudunfaa addaa baafachuu dhabuu, Keeyyata qindomina qabu barreessuuf tokkummaa, gahumsa,

walta'insaa fi xiyyeeffanna qabaachu akka qabu adda baafachu dhabu fa'a.

2. Kitaabni barataa dura duuba isaa eeguu dhabu,
3. Qabiyyee barnootaa fi umrii fi fedhii barattotaa wal maadaluu dhabuu. Kun gara biraatiin qabiyyee barnootaa muxxannoo jireenya barattootaa wajjiin walsimu irratti rakkinni jiraachuu fi dura duuba eeganii qabiyyee isaa dhiyaachuu dhabuu.
4. Barsiisaan barattootaa barsisuu addaan baaffachuun deggersa gahaa ta'ee kennuu dhabuu, Hanqinaa wayitti barnootaa kanaaf ramadamee.
5. Barattoonni dogongoraa kan uumaan sirnaan Sirna tuqaalee fi seer-lugaa sirnaan itti fayyadamuu dhabuu

### **5.3 Yaada Furmaataa**

Qaaccessa dandeettii keeyyata barreessuu barattoota Mana Barumsa Qophaa'ina Gooroo Adaamaa furmaata jedhe haala armaan gadiitiin ibsame jira.

1. Barsiisaan barattoota keeyyata barreessisuuf yaada beekaan, hubatan fi ilaalaan akka barreessan gochuun muxxannoo qaban waliin walqabsiisuun waan gargaaruuf yaada sammuu isaan keessaa jiru barreeffan ka'u ni salphata.
2. Keeyyataa barreessuu keessatti sirna tuqaalee, seer-lugaa fi qubee guddaa qindominaan barsiisaan osoo barsiise gaarii ta'a.
3. Kitaabni amma barattootni itti barataan sirni barnootaa qopheessan irraa deebi'an ilaalan sirreessu qabu
4. Qabiyyee Kitaaba keessaa jiru umrii fi fedhii barattootaa irratti hunda'ee qopha'uu qaba.
5. Barsiisaan barattootaaf deggersa gahaa kennuuf.
6. Qaamoota keeyyaata kan jedhaman hima ijoo, calla fi gudunfaa adda baase kan agaarsiisuu barreeffama adda addaa dhiyeessuun akka barreessan yookiin barreeffama keessaa baasan gochuun shakaalsiisuu dha.

7. Wayitiin torbanitti gosa barnoota Afaan Oromootiif ramadamee qabiyee kitaabicha uwwisuuf gahaa miti. Barattoota tokko tokkoon bira gahee dogongora isaanii sirreessuu fi shakaalsisuuf wayitiin dabalamu qaba.

### **Wabii**

**A. Raimes. (1983).** Techniques in Teaching Writing. Oxford University Press.

**Abbot, Edwin A. 2007.** How to Write Clearly: Rules and Exercises on English Composition, University Press: John Wilson and Son, Cambridge

**Amlaku Eshetie 2010.** “Language Policies and the Role of English in Ethiopia.” A presentation paper at the 23rd Annual Conference of iatefl besig, Bielefeld, Germany

**Atkins, J,etal (1996).** Skill Development Methodology. A.A. University press.

**B.Karoll (1990).** Second Language Writing. Calforirnia Califrnis State University Northridge.

**Byrne, D. 1988.** Teaching Writing Skills. London: Longman Press.

- Byrned (1998).** Teaching Writing Skill. London Longman Ltd. Dastaa **Daassaalany**  
**(2013),** Bu'uura Qorannoo. Finfinee: Mana Maxxansaa Faar Istii  
Itti Murta'ee
- David Silverman (2000).** Doing Qualitative Research. Sage Publishing Ltd. Great  
Britain.
- Edge, J. 1989.** Mistakes and Correction. Longman Fundamental of Pragraph Writing.  
A.A . St. Mary's Colledge (2000). *Unpublished.*
- Geetachoo Rabbirraa, 2006,** Furtuu: Seer-Luga Afaan Ormoo.  
Dhaabbata Maxxansiisaa Kuraazii Intarnaashinaal: Finfinne.
- GeetachooRabirraa (2006).** Quba Qabduu? Ba'uuralee Barnootaa Afaan Oromoo.
- Hedge, T. 1988.** Writing. Oxford: Oxford University Press.
- John W. Cresswell (2012).** Educational Research. University of Nebraska-Lincoln.  
USA. Lalande, Jeter (summer, 1982) Reducing Composition Errors: an  
Experiment Modern Language Journal 66:140-149
- Melakeneh Mengistu, 1992 (4<sup>th</sup>ed.).**Pre- College English. A.A Paluston,  
Christian and Dykstra, Gerald.(1973).Controlled Composition in  
English as a Second Language.
- Peacock, Colin (1986)** Teaching Writing. Great Britain: Croomhelmt Ltd.  
Pincas. A (1982) Teaching English Writing London: McMillan  
Publisher Ltd. Point, CT: Green wood press.
- Raimes, A. 1983.** Techniques in Teaching Writing. Oxford: Oxford  
University Press
- Santos, T. 2000.** On the future of second language writing: The  
EFL/ESL split. Journal of Second Language Writing, 9(1), 8-10.

Sophie Laws, Carorline Harper & Rachel Marcus (2003). India. Gopsons Paper at Ltd. Noida.

Speck, Bender W. (1988). Grading Students Writing: An Annotate Bibliography. West

Time4 learning .com  
 Hpp://m.wikihow.com  
 Hpp://awc.ashford.edu/  
 http://dx.doi.org/10.1016/S1060-3743 (99)00022-3  
 www2.actden.com/writing-den/tips/parx.thmagraph/inde

## MILTOO-TOKKOOFFAA

### *Madaallii Kitaaba Barataa Afaan Oromoo Kutaa 11<sup>ffaa</sup>*

<i>Boqqonnaa</i>	<i>Kaayyoo Gooroo</i>	<i>Kaayyoo Gooree</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>mriibarattootawaliin</i>	<i>Fedhiibarattootaajidd</i>	<i>n Hakaalaafyeroogaha</i>	<i>.....</i>	<i>amsaifaata'eqabaat</i>	<i>f Kitaabakeessattigilga</i>	Fuula
1	Akaakuuww anhimootaba balloomsita	- Himajoo, himaagargaar tuu fi goolabaqideessuunbarr eessuu. -	<ul style="list-style-type: none"> <li>• “Afaanakkamitt ijalqabaame” Keeyyatokkoij aaruu.</li> <li>• Himasalphaa, da</li> </ul>							4,5  20, 21

		Gosootahimaaddaanbaa suunnibarreessuu. - Cuunfaadubbisaabarreesuu.	cha, xaxxamaaijaaru u • himacuunfaadubbisaafbarreessuu								27, 28
4	Keeyyataduraduubaegan i/murta'wwa airraadimsha shaattibarreesuu	- Keeyyataduraduubaago chaaegenibarreesuu - Keeyyatamurta'wwairraadimshashaattiykndimshashaairraamura'attinibarreesuu. - Himajjookennameefirratihunda'uunkeeyyataniijaaru.	• hirmannadubar ttoota • Ijoolleedubara a • himajjookennuun Fkn. • dhibbaadubarttoota • wantootajireenyaafbarbaac hisan • walcaalma dhiiraa fi dubarti	4	4	3	5	5	5		71, 72
				4	5	3	5	5	5		71, 72
3	Sheekoodhaggeeffachuunk eeyyatabarreesi	- Himootajjooisiinkenna meirrattihunda'uunsirn atuqaleettifayyadamuunkeeyyatabarreesi	• Sheekkoodh aggeeffahuundeebisaniibarreessuu. • Sirnatuqale esirriita'eettifayyadamuunkeeyy ataaijaaru/barreessu.								58 58
5	Caasaakeeyy atairraattihunda'uunkeeyy atabarreesu.	- iddoonhimajjooittiaragamunihimu - caasaakeeyyataniitarreesuu	• Caasaa fi qaamoleek eeyyata								85, 86
7	Gosootakeeyy yataabarreesuu	- goosotakeeyyataniitarreesuu - Keeyyatakennameefgoaisanihimu -	• gosootakeeyyata • himootaad daaaddaa								108, 109

		himootakennamefayya damuunkeeyyataniijaaru/nibarreesuu.								
8	Yaadagabaat eenkennamef ayyadamuun keeyyatabarreessuu.	- ragaagabateekeessaajir uirraattihunda'uunkeeyyataniijaaru. - walqabsiifootafayyadamuunkeeyyataniibarreesuu	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Harcaatiibarrattootaa</li> <li>• Karooraamaatii</li> <li>• Bishaanqulluu</li> </ul>							123,124
9	Wa'eeatileeti ibekamooto kkookeeyyataniibarreesita	- Maalummaakeeyyatani ibsu. - wa'eeatileetiiXirunashkeeyyatatokkoonibarreesuu	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Keeyyatni GareehimootaaWaantokkoqfairra ttixiyyeeffachu</li> <li>• Caasaasadi qabachuu</li> <li>• Keyyatawa 'eexirunash barreessuu</li> </ul>							131,132
14	Amalootakeeyyataahubachuunkeeyyat abareessiteqaceessita	Amalootakeeyyataniitarrreesuu - keeyyatakennameefirraattihunda'uunniqaceessuu	• amalootakeeyyata							184,185,186
17	Maalummaa, amalootaa fi gosootakeeyyataanihubata	- Maalumakeeyyataniibsu. - Goosotakeeyyataniitarrreesuu. - Amalootakeeyyataniitarrreesuu.	Gareehimootaa Addeessaa,seenessaa,ibsaafi amansiisaa  Tokkummaa,walta'insaa,guutummaa,							220,221,222,223

***MadaalliiKitaabaAfaanOromooKutaa 12ffaa***

<i>Boqqonnaa</i>	<i>KaayyooGooroo</i>	<i>KaayyooGooree</i>	<i>Qabiyyee</i>	<i>mriibaratoowaliin</i>	<i>Fedhiibarattootaajidd</i>	<i>u Hakaalaafyeroogaha</i>	<i>i Muxannoojireenyaab</i>	<i>amsaifaata' eqabaat</i>	<i>Kitaabakessattigilga</i>	<i>Fuula</i>
1	Jechootafayya damuunkeeyya taguutuutaasisuu	- Jechootakennaman fayyadamuunkeey yataguutuubarrees suu -jechoota 120-150 gahuunamalootadh uunfaafaanoromoo barreessuu	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Jechootakennamenbakkduwwaaguutu</li> <li>• amalootadhuunfaa afaanoromoo</li> </ul>							18
3	Himootajooke nnamaniinkeey yataijaaruu		<ul style="list-style-type: none"> <li>• Beekumsiqabeeny a.</li> <li>• Beekumsakaraadd aadaatiinarganna.</li> <li>• Bu'aanbeekumsag amalamaanilaala mudanda'a.</li> <li>• beekumsanattoo fi saayinsii</li> <li>• Namnimo'uabdihi nkutu, namniabdikutuhin mo'u.</li> <li>• Akaakuunmanahe dduudha.</li> </ul>							37, 38
5	Keeyyatabarreffameefsirnatuqaleesirriifay yadami	Keeyyataisiinkennamesirnatuqaaleeb akkabarbaachiseettiiguuti	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Sirnatuqaalee</li> </ul>							55, 56
8	Ragaaleelakko ofsa fi giraafiinta' egar ahimaa fi keeyyataattijijjiirta	-	Gabaatebaayinabarattootaa							
10	Gumeeqopheesuunkeeyyatabarreessuu	Dura duubata'iinsajireen yaagumeeqopheeffachuunkeeyyataba	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Ta'iinsajireenyaa Walqabsiiiftootaafayyadamuunkeeyyatabarreessuu</li> </ul>							103, 104

		rreessu.								
13	Keeyyatakeessaahimajjooobaa su. Keeyyataabarreessu	Caasaakeeyyatanihimu - Keeyyatakeessaahimajjoo, hima calla fi goolabaanibaasuu Walqabsiiftuuttifayyadamuunkeeyyat anibarreessu.	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Caasaakeeyyataa</li> <li>• Himajjoo, caalla, goolabaa</li> </ul> Walqasftuuttifayyadamuunkeeyyataijaaruu							127 , 128
15	- Maalummaakeeyyataa fi malootakeeyyatani gabbifata. - Maalummaa fi akkaataakeeyyanni addeessa ittibarreeffamua ddaanbaaffatebarreessita	Maalummaakeeyyatanihimu Amalootakeeyyatani nitarreessu Keeyyataaddeessa anibarreessu	Maalummaakeeyyataa Amalootakeeyyataan  Keeyyataaddeessaa							147 , 148 ,14 9  150 ,15 1,1 52
16	Keeyyataamansiisanibarreessaa	Keeyyataamansiisaayknfalmiisisaabarrreessunkutadubbiisu	Keeyyataamansiisaa							163 ,16 4

## MIILTOO-LAMMAFFAA

*Yunivarsitii Saayinsii fi Teknolojii Adaamaa Manabarnoota Humaanitiifi  
Seeraa Muummee Afaan Oromoo*

***BargaafiiBarattootaan, Barsiistootaan,SupparvayizariiKeessootiinGuutamu***

Fedhii keessaan guutuun yeroo keessaan aarsaa gootani gaaffannoo kana naaf guutuu keessantiif kabajaa isiin qabu guddaa dha. Bar gaaffii kun kan qopha'ee odeeffannoo qorannoo mata duree “QaaccessaDandeettiiKeeyyataBarreessuuBarattoonniMana Barumsa Qophaa'inaGooroo Adaamaa QabanSakatta'uu ” jedhu walitti qabuuf kan qopha'ee dha. Fiixaa bahiinsa qorannoo kanaaf odeeffannoo isiin qulqullinaan kennitan irratti hunda'a jedhe abdi godha. Odeeffannoon isiin irraa argamu qaama biraa dabarfame kan kan namu osoo hin taane fooyya'insa barnootaaf qofa oola.

***Qajeelfamaa:***Maqaakeessanbarreessuuhindhagatina.

Mallattoo‘√’sanduqaakenamekeessattika'a.

Gaafannoo dafanii deebisuun qulqullina qo'annichaaf gatii qaba.

***KUTAA TOKKO***

***I. OdeeffannoWaligalaa***

- 1.1 SaalaaDhiiraDubartii
- 1.2 Umrii16-20  21-25  26 fi ol
- 1.3 kutaa 11  12

\

***QORUMSAA BARATTOOTAAF***

**Mata DureeKeeyyataIrrattiBarreessan  
FalamaaQilleensaa**

**QabxiiXiyyeeffanaIttiKennamu**

1. Qaamota Keeyyaata ( Hima Ijoo, Caallaa,fi Gudunffaa)
2. Qindoomina Keeyyata (Tokkummaa, Waltahinsaa, Gahumsaa Fi Xiyyeeffannaa)
3. Sirna Tuqaalee fi Seer- Lugaa( QubeeGuddaa, SirnaTuqaalee Fi Seer –Lugaa)

***KUTAA- LAMMAFFAA***

**A. QAJEELFAMA: Barattoonni Keeyyata Qindomina Qabu Barreessuu Irratti  
Dogongora Isaan Uumaan Maal Fa'a Akka Ta'an Addaan baasuuf**

T.L	Dogongoraabarattooonniyoomuubarreessanuumaan	Qormaata	M	S D	%		
1	<b>KeeyyaataaQindoominaQabu</b>						
1.1	Himaijoo						
1.2	Himaacallaa						
1.3	Himagudunfaa						
2	<b>YaadaniKeeyyaataa</b>						
2.1	Tokkummaa						
2.2	Walta'iinsaa						
2.3	Gahumsa						
2.4	Xiyyeeffatummaa						
3	<b>SirnaTuqaalee fi Seer-Lugaa</b>						
3.1	QubeeGuddeessuu						
3.2	SirnaTuqaalee						
3.3	Sirnacaas-lugaa/grammar						